

**QAACCESSA WEEDDUU AANNAN RAASUU  
OROMOO KARRAYYUU**

**YUNIVARSIITII FINFINNEE  
KOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII  
JORNAALIZIIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE  
AFAAN OROMOO, OGBARRUUFII FOOKLOORII**

**SANYII RATTAA DHAABII**

**SADAASA, 2014  
FINFINNEE**

**QAACCESSA WEEDDUU AANNAN RAASUU  
OROMOO KARRAYYUU**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA(MA) AFAAN  
OROMOOFI OGBARRUU GUUTTACHUUF  
MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUF  
FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**SANYII RATTAA DHAABII**

**GORSAAN: MULUGEETAA NAGAASAA (PhD)**

**SADAASA, 2014**

**FINFINNEE**

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoonkoo armaan gadiitti eerame, qorannoon kun hojiikoo ta'uu isaafi kanaan duras yunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hindhiyaatiin ta'uusaa, akkasumas, wabiileen qorannoo kanaaf dubbisee fayyadame haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessa galchuukoo nan mirkaneessa.

Maqaa \_\_\_\_\_

Mallattoo \_\_\_\_\_

Guyyaa \_\_\_\_\_

Ani gorsaan barataa Sanyii Rattaa Dhaabii Waraqaan Qorannoo isaa of ittisuuf/defence/ dhiyaachuu danda'uu isaa mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa \_\_\_\_\_

Mallattoo \_\_\_\_\_

Guyyaa \_\_\_\_\_

## **YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

### **DHAABBATA QORANNOO DIGIRII DURAA BOODDEE**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo, Hog-barruufi Fookiloorii gamiisaan guuttachuuf Sanyii Rattaa Dhaabiitiin mata duree: “Qaaccessa Weedduu Aannan Raasuu godina Shawaa Bahaa Aanaa Fantaallee” jedhu irratti gaggeeffamuun sadarkaa ulaagaa yunivarsiitiin kaa’een guutaachuuf kan qophaa’e.

Qoraa Alaa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

Qoraa keessaa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

Gorsaa \_\_\_\_\_ mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

## **Axereeraa**

*Qorannoon kun mata-duree “Qaaccessa Weedduu Aannan Raasuu Oromoo Karrayyuu: Shawaa Bahaa Aanaa Fantaallee” jedhu irratti gaggeeffame. Gaaffileen bu’uuraa qorannichaa immoo, ergaawwan weedduu aannan raasuu keessatti darban maal maali? Sadoomiiwwan weedduu aannan raasuu keessatti baay’inaan dhimma ba’an kam fa’i? Weedduun aannan raasuu yoomessa akkamii keessatti gaggeeffama? Namoonni weedduu aannan raasuu irratti hirmaatan eenyu faadha? Faayidaa weedduun aannan raasuu Oromoo Karrayyuuf qabu maali? Sababootni weedduu aannan raasuu laaffisan maal fa’i? kan jedhudha. Kaayyoon qorannichaa immoo, Ergaa Weedduu Aannan Raasuu Oromoo Karrayyuu qaaccessuudha. Yaaxinni qorannoo kana keessatti hojiirra ooles yaaxina faayidaafi haalawaati. Qorannoo kana galmaan ga’uuf, maddi ragaa manguddootaafi haawwolii weedduu aannan raasuu Oromoo Karrayyuu irratti hubannoofi muuxannoo qaban mala iddatteessuu miti-carraa ta’ee, akkayyoon filatamanidha. Odeeffannoo qorannichaaf barbaachisan immoo, malleen funaansa odeeffannoo keessaa daawwannaafi afgaaffiitti fayyadamuun odeeffannoo walitti qabuun danda’ameera. Ragaaleen roga garaagaraa irraa malleen funaansa odeeffannoo armaan olitti eeramaniin walitti qabaman kunniin mala akkamta fayyadamuun qoqqoodamuun boqonnaa afur jalatti qaaceffamaniiru. Ragaalee qaaceffaman kanneen bu’ureeffachuun argannoowwan jiran: Weedduun aannan raasuu Oromoo Karrayyuu ergaawwan loon faarsaan, goota faarsaan, miira dubartiin keessa isheetti dhagayame ibsachuun walqabate, bakka dheeda looniif tole faarsaan, hamtuu loonii qeeqaan, nama loon elmuuf haaraa ta’aniifi tiksee loonii gorsuuf oolan akka qabu qorannoon kun addeesseera. Kana malees, gosti sadoomiiwwanii weedduu aannan raasuu keessatti baay’inaan dhimma ba’aman: Akkasaa, anyaarsee, bakka buusa/Irdiba, nameessa, ukukkubeeffi saaduu akka t’an qorannoo kanaan bira gahameera. Dabalataanis, weedduun aannan raasuu galgalaafi ganama lafa aduun yookaan hoo’i hinjirre mana keessaafi qarmammee (hulaa dura)’tti akka weeddifamu qorannichi ibseera. Hirmaatonni weedduu aannan raasuu haawwaniifi shamarran akka ta’eefi weedduun aannan raasuu Oromoo Karrayyuuf faayidaawwan akka: Yommuu Aannan raasan dadhabbina tokko malee akka raasani baasaniif, loon faarsuuf, goota faarsuuf, gorsa ittiin walii dabarsuuf, bakka dheedumsa horiif mijataa ta’e faarsuufi miira keessa namaatti dhagayame ibsachuuf oolan akka qabuu qorannoo kanaan bira gahameera. Dhumarrattis, sababoonni weedduu aannan raasuu laaffisaa dhufan immoo, babal’achaa dhufuu amantaalee alagaa, qaroominaafi ammayyummaa hordofuu, geeddaramaa dhufuu haala jiruufi jireenyaa, dhiibbaa saayinsiifi teeknolojii akka ta’an qorannoo kanaan bira gahameera. Yaboon qorannichaa immoo, weedduu aannan raasuu hawaasichaan jaalatamaa ta’e kana yeroo yerootti qorachuufi kunuunsuun dhaloota kallattii qabsiisuun akka itti fayyadaman gochuun gahee waajjira Aadaafi Turiziimii aanichaa, hayyoota dhimmichi isaan ilaallatuufi abbaa afoolichaa kan ta’e dammaqiinsa hawaasaafoolichatti dhimma bahanii hundaa gaafata.*

***Jechoota ijoo: weedduu, aannan, raasuu, aadaa, fookloorii, afoola, yaaxxina, mala akkamtaa.***

## **Galata**

Duraan dursee yemmuun qorannoo kana hojjedhu yeroo isaanii aarsaa gochuun nuffiifi mufii tokko malee deeggarsa ogummaa naaf kennaa, na sirreessaafi najajjabeessaa kan turan gorsaakoo

**Mulugeetaa Nagaasaa (PhD)** guddaan galateeffadha. Galannin isiniif qabu dachaa dachaadha.

Itti aansuun, **odeeffannoo kennitootakoo** yeroo isaanii aarsaa godhanii nuffii tokko malee wanta gaafataman hunda irratti yaada kan naaf kennan maraaf galata guddaan qabaaf. Jalqabaa kaasee kunuunsee, akkan barumsakoo baradhuuf haala hundaa kan naaf mijeesse, utuu ofii hinbaratin kan na barsiise abbaakoo obbo **Rattaa Dhaabii** guddaan galateeffadha.

Xumurarratti, yeroon barruu sakatta'uuf odeeffannoo qaaccessu sammuukoo kan na bohaarsan, kan na jajjabeessaa turan haadha manaafi dhalakoo: **Taarikwaa Alamuufi Obsee Sanyii** baay'iseen galateeffadha. Galannikoo gatii keessan baasa taanan maalifan isinitti waakkadharee?

## **Yaadannoo**

Waraqaan qorannoo kun, otoo ofii hinbaratiin, faayidaa barumsi qabu hubatee nabarsiisee gola beektotaa keessatti ijaan na arguu otoo hawwituu kan duuti na harkaa baafatte haadhakoo Aadde

**Dammee Abbooyeetiifi Abbootii Gadaa Karrayyuufi miseensota isaanii sirna Gabalaa** irratti isaan waliin jumlaan bakka tokkotti ajjeefamaniif yaadannoo haata'u.

## Hiika Jechootaa

Arbee.....	Maqaa lagaa kan Arsii Bahaatti argamu.
Barooduu.....	Boonuu.
Bil'ii.....	Gosa Oromoo Ituu Afran Qallooti.
Bookaya.....	Foolii urgaawaa.
Booso.....	Nama ogummaa hinqabne, faallaa kaamettii kan ta'e.
Buchuma.....	Meeshaa aannan itti elman kan buqqeerraa tolfamu.
Bulgee.....	Maqaa lafa margaa kan Aanaa Fantaallee keessatti argamu.
Buudaa.....	Gaanfa loonii baay'ee guddaa ta'e.
Calalaqaa.....	Maqaa lafaa Oromoo Karrayyuufi Ummata Affaar Daangessu.
Camara.....	Bifa adii.
Ciicoo.....	Meeshaa aannan itti elman kan migirarraa tolfamu.
Daaddaa.....	Hiriyaa.
Daaddisa.....	Eegumsa.
Dhaadan.....	Faarsan,jajan.
Dheebisa.....	Bakka bishaan hinqabne.
Dheenna.....	Tikfanna.
Faayituu.....	Maqaa masoo,faaya.
Fittaala.....	Cooma.
Garoo.....	Miidhagaa,gaarii kan ta'e.
Hiraasa.....	Ogeessa.
Hootuu.....	Galgala, yeroo elma loonii.
Jaatessine.....	Obsine.
Kukkutaa.....	Gosa nyaata aadaa Karrayyuu kabajamaa ta'e.
Kunna.....	Lafa lolaa.
Kuulanii.....	Bareeda.
Lukkee.....	Nama oduu sobaa odeessu, basaastuu.
Maala.....	Qaama loonii kan morma jalatti rarra'ee argamu.
Misilii.....	Boca, fakkii.
Mummuxaa.....	Bifa adda addaa lama kan wal-keessa jiru.
Naannota.....	Maqaa haroo Aanaa Fantaallee keessatti argamu.

Oomuu.....Hamii.  
Qun'ii.....Maqaa margaa kan urgaawu.  
Reeddee.....Gosa Oromoo Ituu.  
Saalaa.....Maqaa bineensa bosonaa gaafa dheeratu.

## BAAFATA

<b>Qabiyyee</b>	<b>Fuula</b>
Axereeraa .....	ii
Galata .....	iii
Yaadannoo.....	iv
Hiika Jechootaa .....	v
<b>BOQONNAA TOKKO:SEENSA.....</b>	<b>1</b>
1.1. Seenduubee Qorannichaa.....	1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa.....	2
1.3. Kaayyoo Qorannichaa.....	3
1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa.....	3
1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa .....	3
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa.....	4
1.5. Daangaa Qorannichaa .....	4
1.6. Hanqina Qorannichaa.....	5
1.7. Qindoomina Qorannichaa .....	5
<b>BOQONNAA LAMA:SAKATTA'A BARRUU.....</b>	<b>7</b>
2.1. Maalummaa Fookloorii.....	7
2.2. Faayidaa Fookloorii .....	8
2.3. Gooroowwan Fookloorii .....	9
2.3.1. Meeshaalee Aadaa (Material Culture) .....	9
2.3.2. Barmaatilee Hawaasaa (Social Folk Custam) .....	10
2.3.3. Aartii Duudhaa Hawaasaa (Indigenous Folk Art).....	11
2.3.4. Afoola (Oral Literature).....	11
2.4. Amaloota Afoolaa.....	12
2.4.1. Jijjiiramummaa.....	12
2.4.2. Lufummaa .....	13
2.4.3. Uummatummaa .....	13
2.4.4. Yoomessa qabaachuu.....	13
2.4.5. Hurruubummaa .....	13
2.4.6. Jamaa qabaachuu.....	14

2.5.	Maalummaa Afwalaloo.....	14
2.5.1.	Maalummaa Weedduu .....	15
2.6.	Aannaniifi Oromoo Karrayyuu .....	17
2.7.	Yaaxinaalee Qorannichi Bu’uureffate.....	18
2.7.1.	Yaaxina Faayidaa (Functional Theory).....	19
2.7.2.	Yaaxina Haalaa (Contextual Theory).....	19
2.7.3.	Yaaxina Jijjiramaafi Itti Fufiinsaa (Change and Continuity Theory) .....	19
2.8.	Sakatta’a Qorannoo Walfakkii.....	20
	<b>BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHAA.....</b>	<b>22</b>
3.1.	Saxaxa Qorannoo .....	22
3.2.	Madda Ragaa .....	22
3.3.	Iddattoo .....	23
3.4.	Mala Iddatteessuu .....	23
3.4.1.	Mala Iddetteessuu Akkayyoo.....	23
3.5.	Mala Odeeffannoon Ittiin Funaanamu .....	24
3.5.1.	Daawwannaa .....	24
3.5.2.	Af-gaaffii.....	25
3.6.	Mala Qaaccessa Odeeffannoo .....	26
	<b>BOQONNAA AFUR: RAGAA QAACCESSUUFU HIIKUU .....</b>	<b>27</b>
4.1.	Haala Ibsa Naannoo Qorannichaa.....	27
4.2.	Mala jireenya Uummata Oromoo Karrayyuu .....	30
4.2.1.	Yakka baasuu .....	30
4.2.2.	Aadaa Fuudhaafi Heerumaa.....	33
4.3.	Sirnoota Duudhaa Hariiroo Hawaasummaa Cimsan.....	34
4.3.1.	Gumaa Baasuu .....	34
4.3.2.	Guddifachaa .....	34
4.4.	Qaaccessa Ergaa Weedduu Aannan Raasuu .....	34
4.4.1.	Weedduu Loon Faarsan .....	35
4.4.2.	Weedduu Goota Faarsu .....	43
4.4.3.	Weedduu Dubartiin Miira Ishee Ittiin Ibsattu .....	44
4.4.4.	Weedduu Aannan Raasuu Gorsaan Walqabate.....	46
4.5.	Sadoomiiwwan Weedduu Aannan Raasuu Keessatti mul’atan.....	47
4.5.1.	Akkasaa/Simile/ .....	48

4.5.2.	Anyarsee (Satire).....	49
4.5.3.	Bakka buusa (Metaphor).....	49
4.5.4.	Namee/Nameessa (personification) .....	50
4.5.5.	Ukukkubee /Hyperbole/ .....	51
4.5.6.	Saaddu (Irony).....	51
4.6.	Yoomeessa Weedduu Aannan Raasuu.....	52
4.7.	Hirmaattota Weedduu Aannan Raasuu .....	54
4.8.	Faayidaa Weedduun Aannan Raasuu Oromoo Karrayyuuf Qabu .....	55
4.9.	Sababoota Weedduu Aannan Raasuu Laaffisan .....	56
	<b>BOQONNAA SHAN: GUDUNFAA, ARGANNOOFI YABOO .....</b>	<b>58</b>
5.1.	Cuunfaa.....	58
5.2.	Argannoo.....	59
5.3.	Yaboo.....	59
	Wabiilee .....	ix
	Dabalee A.....	xi
	Dabalee B .....	xii
	Dabalee C .....	xiii
	Dabalee D.....	xvii

## **BOQONNAA TOKKO:SEENSA**

### **1.1.Seenduubee Qorannichaa**

Sabni Oromoo saba guddaa Itoophiyaafi gaanfa Afrikaa keessa jiraatudha. Afaan Oromoos, Afaanota Ardii Afrikaa keessatti dubbataman shan keessaa isa tokkodha. Bal'inaan dubbatamuu irratti Afaanota gaanfa Afrikaatti dubbataman keessaa Afaan Hawuusaafi Arabaatti aanee sadarkaa sadaffaa irratti argama. Yaada kana Dirribiin (2016:15) yoo ibsu, “Sabni Oromoo saba guddaa Itoophiyaafi Gaanfa Afrikaa keessa jiraatu yoo ta’u, Afaan Oromoo hedduumina dubbattootatiin Ardii Afrikaa keessatti Afaan Arabaafi Hawusaatti aanee sadarkaa sadaffaa irratti argama” jedha. Sabni kun hortee maatii Kuush keessaa tokko ta’ee saba bal’aafi qabiyyee lafaa guddaa qabuudha. Yaada kana Alamaayyon (2007:19) yoo ibsu, “Oromoon saboota kuush keessaa isa bal’aafi uummata qabiyyee lafa guddaa irra dagaagee jiraatudha” jedha.

Fookilooriin Oromoo eenyummaa Oromoo ibsuuf akka qabeenya guddaatti kan ilaalamudha. Fookilooriin ummata Oromoof aadaa, ilaalcha amantii, safuufi sona hawaasa Oromoo hunda ittiin ibsachuuf labata haaraaf ittiin dabarsuuf muuxannoofi beekumsa walgonfachisuuf akka meeshaatti kan tajaajiludha. sWantootni fookilooriin hammatu haala raawwii wantootaa, haala hawaasummaa, duudhaa, jilaafi sirna isaa, amantaafi sagada, sirbaafi faaruu, weedduufi geerarsa, Sadoomiifi jechama, ciigoofi afoolawwan adda addaafi waan kana fakkaatan jechuun tarreessu (Dorson, 1972:1). “Dhalli namaa barreeffamaan ofibsuu osoo hinjalqabiin dura ogafaan ykn fookilooriin ykn fakkiifi bocaan yaada ofiisaa ibsaa ture” (Asaffaa, 2009:20).

Fookilooriin firiiwwan hedduu ofkeessatti akka hammatu hayyoonni adda addaa qorannoo isaaniitiin addeessaniiru. Dorson (1972:2) firiiwwan fookiloorii bakka gurguddoo afuritti qooda. Isaanis: Afoola (Oral literature), Barsiifata hawaasaa (Folk custom), Meeshaa aadaa (Material Culture) fi Dalaga Artii duudhaa (Performing Folk Art) jedhamu.

Afoolli kalaqa sammuu keessatti qidachuun afaaniin kan himamudha. Kana keessatti haalli kuufamaafi lufinsa isaas himiinsa afaaniin malee barreeffamaan miti. Wanti afaaniin lufaa dhufe kun baattuu seenaa, eenyummaa, falaasama, ilaalcha, duudhaa, safuu, dinagdee, amantii, siyaasa, beekumsaafi muuxxannoo dhala namaa baatanii as ga’an (Fedhasaa, 2013:33).

Afwalaloon Oromoo akkuma afoola Oromoo kunneen biroo dhalootarraa dhalootatti kan darbu dubbii afaaniin. Fedhasaan (2013:49) akka ibsetti “Walaloo afoolaa (afwalaloo) Oromoo bakka

gurguddoo torbatti qoodamuu dandaa'a. Isaanis, geerarsa, weedduu, sirba, faaruu, eebba/abaarsa, guungummiifi tabaallidha". "Gosoota ogafaan Oromoo keessaa kan afwalalummaa ofkeessaa qaban: geerarsa, weedduu jaalalaa, weedduu seenaa, weedduu siyaasaa, weedduu asmaarii, weedduu cidhaa, weedduu ateeteefi weedduu daboo"(Misgaanuu, 2011:59). Yaada armaan oliirraa akka hubannutti weedduun qaama afwalaloo keessaa isa tokko ta'uusaatidha. Qorannoon kun garuu, gooroowwan afoolaa keessaa afwalaloon kan dhiyaatu weedduu aannaan raasuu Oromoo Karrayyuu irratti kan gaggeeffamedha.

### **1.2.Ka'umsa Qorannichaa**

Ka'umsi qorannoo tokkoo kan ibsu qorataan tokko qaawwa maalii guutuuf qorannoo akka geggeessuu barbaade kan karaa namatti agarsiisuudha. Addunyaa (2011:54) akkas jechuun ibsa:

*Ka'umsi qorannoo haalaan ibsame tokko gaafiwwan qorannoon kun maalif geggeefame? Qaawwa akkamii duuchaa? jedhaniif deebii kenna. Kanaafuu, akka qorataan gaafiwwan qorannoo isaa keessatti ka'an deebisuuf itti deemu bakka itti dhiyeessuudha. Gaafiwwan ka'anis kaayyoo qorannichaa bu'uura kan taasifataniidha.*

Sabni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti aadaa, afaan, amantii, sirna bulchiinsa mataa isaa duudhaa, seenaafi kanneen kana fakkatan fooklooriitti fayyadamee ibsachaa ture. Damee fookloorii keessaa tokko kan ta'e afoola isaatti dhimma bahaas tureera. Afoola keessaa immoo, inni tokko weedduudha. Weedduunis dhimmoota irratti xiyyeeffatan irratti hundaa'uun bakka adda addaatti qoodamuu danda'u. Isaaniis: Weedduu jaalalaa, weedduu seenaa, weedduu siyaasaa, weedduu asmaarii, weedduu cidhaa, weedduu ateetee, weedduu daboo fa'a akka ta'e (Misgaanuu, 2011:59) ibseera. Weedduun aannaan raasuutis gosoota weedduu kanneen keessaa isa tokkodha. Weedduun, dhageettii keessoo ofii kan ittiin ibsatan gosa walaloo Afoolaati. Dhageettiin keessoo ofiimmoo, aarii, gaabbii, gadoo, abdiifi hawwii ta'uu mala (Fedhasa 2013:51). Weedduun aannan raasuu gosoota weedduu jiran keessaa tokko kan ta'eefi yeroo aannan raasan kan weeddifamuudha. Gosa weedduu kanaa ilaalchisee hayyoonni kallattiidhaan qorannoo irratti geggeessaniifi yaada kennan hamman hubadhetti kan jiran miti. Kitaabileen garaagaraa dhimma kana irratti barreeffamaniifi maxxanfamanis argachuun hindanda'amne. Weedduu Aannan Raasuu kanatti dhimma bahuudhaanis hawaasni Oromoo gorsa, ergaa adda addaafi waan miira isaanitti dhagahame ittiin dabarfachaa turaniiru; dabarfachaas jiru. Weedduun aannan raasuu kun bifa walalootiin kan weeddifamuufi miira namootaa kan kakaasu, afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarbaa kan dhufeedha. Yeroo ammaa weedduun kun laafaa

dhufeera. Yoo haaluma kanaan itti fufe afoola kana irratti dhiibbaa geessisuurra darbee afoolichi baduun isaa akka hinoolle qoratichi ni hubata. Dhaloonni dhufu aadaa isaa kana akka hindaganneef bu'uura kaa'uun barbaachisaadha. Dabalataaniis, Oromoon Karrayyuu tikfatee bulaa waan ta'eef, aannaan jiruufi jireenya isaati. Yeroo aannaan raasan weedduu aannaan raasutiin dhimmoota adda addaa waliif dabarsu. Kanumarraa ka'uun qorannoon kun weedduu aannan raasuu Oromoo Karrayyuu aanaa Fantaallee keessa jiru walitti qabee qindeessuun ergaa inni dabarsu xinxaluuf, weedduu aannaan raasuu bifa barreeffamatiin qindeessee kaa'uufi mata-duree kana irratti qorannoo gadi fagoo geggeessuun waa'ee weedduu aannan raasuu Oromoo Karrayyuu irratti argannoo tokkorra gahuuf kaka'eera. Qorannoon kunis gaaffilee armaan gadii bu'uura godhachuun kan gaggeeffamedha.

1. Ergaawwan weedduu aannan raasuu keessatti darban maal maali?
2. Sadoomiiwwan weedduu aannan raasuu keessatti baay'inaan dhimma ba'an kam fa'i?
3. Weedduun aannan raasuun yoomessa akkamii keessatti gaggeeffama?
4. Namoonni weedduu aannaan raasuu irratti hirmaatan eenyu faadha?
5. Faayidaa weedduun aannan raasuu Oromoo Karrayyuu qabu maali?
6. Sababootni weedduu aannaan raasuu laaffisaan maal fa'i?

### **1.3.Kaayyoo Qorannichaa**

#### **1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa**

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa ergaa weedduu aannan raasuu, Oromoo Karrayyuu Aanaa Fantaallee qaaccessuudha.

#### **1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa**

Qorannoon kun kaayyoolee gooree armaan gadii bu'uura godhatee kan gaggeeffamedha.

- 1) Weedduuwwan aannan raasuu funaanuun ergaa isaan qabaniin qindeessuu.
- 2) Sadoomiiwwan weedduu aannan raasuu keessatti dhimma ba'aman ibsuu.
- 3) Yoomessa weedduun aannan raasuu addeessuu.
- 4) Hirmaattota weedduu aannan raasuu ibsuu
- 5) Faayidaa weedduun aannan raasuu Oromoo Karrayyuu qabu adda baasuu.
- 6) Sababoota weedduu aannan raasuu laaffisaa dhufan tarreessuu

#### **1.4.Barbaachisummaa Qorannichaa**

Barbaachisummaan qorannoo bakka qorataan tokko qorannoon isaa qaama inni fayyadu itti eeruudha. Addunyaan (2011:56) barbaachisummaa qorannoo yoo ibsu, “Gulantaan kun bu’aa qorannoo keenyaatti eenyu fa’aatu fayyadamaa gaaffii jedhu deebisa. Qorannoo keenya yoo barreessinus bu’aa qorannoo kanatti namoonni garee garaagaraa gargaaramuu danda’u jechuun eegalla” jedha.

Haaluma kanaan, qorannoon kun qaamolee armaan gadii gargaaruu danda’a:

- 1) Namoota qorannoo kanaan wal-fakkaatan irratti qorannoo adeemsisuu barbaadaniif akka ka’umsaafi madda wabiitti fayyaduu danda’a.
- 2) Waa’ee weedduu aannan raasuu ilaalchisee namoonni erga qorannoo kana dubbisani booda akka hubannoo waa’ee weedduu aannan raasuu argatan gargaaruu mala.
- 3) Weedduu aannan raasuu bifa barreeffamaatti geeddaruun Waajjira Aadaafi Turiziimii Aanaa Fantaallee keessa yoo kaa’ame labata dhufuuf akka lufu gargaaruu danda’a.
- 4) Guddinaafi dagaagina afaaniifi aartii aadaa Oromootiifillee gumaacha mataasaa qabaachuu mala.
- 5) Damee barnoota Afaan Oromoofi Og-barruu keessatti akka madda ragaa lammaffaatti gargaaruu danda’a.

#### **1.5.Daangaa Qorannichaa**

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu daangaan isaa adda bahee beekamuu qaba. Yoo kana hintaane dhimmi qorannoon irratti gaggeeffamu daran bal’achuu yookaan dhiphachuu danda’a. Daangaan qorannoo akka fuuloo fardaatti qoratacha gargaara jechuun ni danda’ama. Dhimma qorannoon irratti gaggeeffamu, iddoofi qabiyyeen daangessuu dandeenya. Kana irraa kan ka’e qorannoon kun utuu garmalee hinbal’atin yookaan hindhiphatin gaggeessuuf, iddoofi qabiyyeen daangeffameera. Iddoodhaan Godina Shawaa Bahaa, Aanaa Fantaallee irratti kan xiyyeeffate yoo ta’u, qabiyyeedhaan immoo, weedduu aannan raasuu irratti xiyyeeffachuun kan gaggeeffamedha. Ergaawwan weedduu aannan raasuutiin darban xiinxaluu, Sadoomiiwwan weedduu aannan raasuu keessatti mul’atan xiinxaluu, yoomessaafi hirmaattota aannan raasuu adda baasuu, faayidaa weedduun aannan raasuu Oromoo Karrayyuuf qabu xiinxaluufi sababoota weedduu aannan raasuu laaffisan xiinxaluun ijoo qorannoo kanaati.

Sababoonni daangaa qorannoo kanaas, Oromoota Karrayyuu ona sana keessa jiraataniifi aadaa naannoo kanaa hubannoo waanan qabuuf, haala salphaan odeeffannoo gama mata duree isaatiin

argachuu waanan danda'uuf. Karaa biroottiin ammoo, yeroo gahaa waan hinqabneef humna qorataarraa ka'uudhaan iddoofi qabiyyee kanarratti daangeffameera.

### **1.6.Hanqina Qorannichaa**

Qorannoon kuni yeroo gaggessamu wantoonni akka hanqinaatti qorataa mudatan hedduudha. Inni duraa manguudootaafi haadholii odeeffannoon kun irraa funaanamu, sababa rakkoo nageenyaa naannoo sanatti yeroo dheeradhaaf tureefi sodaa dhukkuba vaayirasii koronaa ykn Covid -19 akka salphaatti argachuu dhabuudha. Haata'u malee, tattaaffii qorataan taasiseen namoota kanneen itti deddeebi'uun haala mijeessaa adeemuun rakkoon kuni furamee jira. Inni biroo qorannoon kana dura qaaccessa weedduu aannan raasuu jedhu irratti hojjetame kan hinjirre ta'uu isaati. Rakkoo guddaan qorataa kana muudate wal irraa fageenya mana jireenyaa raga-kennitootaa irraa kan ka'e irra deddebi'uudhan odeeffannoo akka hinfuunaan danqaa ta'ee ture. Haata'u malee, tattaaffii qorataan taasiseen motora dhuunfaa kireeffachuun bakka isaan jiranitti argamuun weedduu aannan raasuu walitti funaane qaccessuun danda'ameera. Dabalataaniis, rakkinni maallaqaas qoratticha muudateera. Rakkoo kana furuuf qorataan qarshii qabu qusachuun haalan itti fayyadamee qorannoo kana gaggeesseera. Qorataan bu'aa bayiifi gufuuwwan kanneen keessa darbuun qorannoo kana galmaan ga'ee jira.

### **1.7.Qindoomina Qorannichaa**

Mata duree kana jalatti qabiyyeewwan qorannicha kana keessatti hammatamantu haala tartiiba isaanitiin qindaa'ee dhiyaate. Qorannoon kun boqonnaalee shan kan qabu yoo ta'u, boqonnaa tokko keessatti, seenduubeen, ka'umsi, kaayyoon gooroofi gooree, barbaachisummaan, daangaafi ibsi haala naannoo qorannichaa gadifageenyaan ibsamaniiru. Boqonnaa lama keessatti immoo, sakatta'a barruulee dhimmoota qorannoo kanaan walitti dhufeenya qabantu sakatta'amuun dhiyaate. Haaluma kanaan maalummaan fooklorii, faayidaan fooklorii, dameewwan fooklorii kanneen ta'an: malleenn aadaa, duudhaan hawaasaa, aartiin duudhaa hawaasaafi afoolli ibsamaniiru. Kana malees, maalummaan afwalaloofi weedduu, maalummaan weedduu aannan raasuu, walitti dhufeenyi aannaniifi Oromoo Karrattuu, yaaxinaaleen qorannichi bu'uureffateefi Sakatta'i qorannoo walfakkii dhiyaataniiru.

Boqonnaa sadaffaa qorannoo kanaa keessatti immoo, mala qorannoo kanaatu dhiyaate. Malli qorannoon kun ittin gaggeeffame mala qorannoo akkamtaa yoo ta'u, iddattoon qorannoo kanaas madda ragaa sadarkaa tokkoffaati. Malli iddatteessuu qorannoo kana keessatti dhimma bahames

mala iddatteessuu miti carraa keessaa mala iddatteessuu akkayyoo yemmuu ta’u, qorattichi malleen funaansa ragaalee keessaa daawwannaafi afgaafiitti dhimma ba’uun qorannicha gaggeessee jira.

Boqonnaan afraffaan qorannoo kanaa ragaalee od-himtoota irraa malleen funaansa ragaalee qorannichaatiin funaanamantu qaaceffamee hiikni itti kenname. Dhimmoonni gaaffilee ka’umsa qorannichaa keessatti ka’an bakka deebii itti argataniidha. Haaluma kanaan ergaawwan weedduu aannan raasuu keessatti darban maal fa’a akka ta’an, Sadoomiiwwan weedduu aannan raasuu keessatti baay’inaan dhimma ba’aman kam fa’a akka ta’an, weedduun aannan raasuu yoomessa akkamii keessatti akka gaggeeffamu, qooda fudhattoonni weedduu aannan raasuu eenyu akka ta’an, weedduun aannan raasuu Oromoo Karrayyuuf faayidaa maalii akka qabuufi sababoota weedduu aannan raasuu laaffisaa dhufan boqonnaa kana keessatti bal’inaan ibsamaniiru.

Boqonnaa dhumaa qorannoo kanaa keessatti gudunfaa, argannoofi yaboo qorannichaatu dhiyaate. Ragaalee od-himtoota irraa funaaname irraa ka’uun xiinxala gaggeeffameen argannoon qorannichaa dhiyaateera. Argannoo qorannoo kana irratti hundaa’un immoo, yaadni furmaataa lafa kaa’ameera.

## **BOQONNAA LAMA:SAKATTA'A BARRUU**

Boqonnaa kana keessatti sakatta'a barruulee dhimmoota qorannoo kanaan walitti dhufeenya qabantu sakatta'amuun dhiyaate. Haaluma kanaan maalummaan fookloorii, faayidaan fookloorii, dameewwan fookloorii kanneen ta'an: Malleenn aadaa, duudhaan hawaasaa, aartiin duudhaa hawaasaafi afoolli ibsamaniiru. Kana malees, maalummaan afwalaloofi weedduu, maalummaan weedduu aannan raasuu, walitti dhufeenyi aannaniifi Oromoo Karrayyuu, yaaxinaaleen qorannichi bu'uureffateefi sakatta'i qorannoo walfakkii bal'inaan dhiyaataniiru.

### **2.1. Maalummaa Fookloorii**

Hayyonni gara garaa fookilooriif hiikaa adda addaa kennaanii jiru. Fookiloorii ilaalchisee hiikni murtaa'aa lafa kaa'ame hinjiru jechuudha. Hiika gara garaa kennuu namootaa kanaafis sababootni adda addaatu dhiyaata. Namoonni hunduu addunyaa kanaaf ilaalcha garaa garaa qabaachuu isaanii, yaadarimee isaa rakkisaafi ulfaataa ta'uu isaa, hiikkaaleen amma ammaatti kennamaniif adda adda akka ta'e ibsa (Dastaa, 2011: 3). Yaada kana Simsf Stephens (2005:1) yommuu ibsan, *"Folklore is many things, and it's almost impossible to define succinctly. It's both what folklorists study and the name of the discipline they work within"* jedhu. Akka Yaada kanaatti fooklooriin waan baay'ee kan ofkeessatti qabatuuf bal'aadha; jecha muraasaan ibsuun hindanda'amu.

Akka Melakne, (2006:8) ibsutti " Every group both together or by common interest and purposes weather educated or un educated, rural or urban, possessed of traditions which may be called its folklore" jedha. Yaada armaan olii irraa kan hubatamu, dhalli namaa hundi wantoota walitti isaan hidhan yookaan wal isaan fakkeessan kan barates ta'ee hin baratiin, baadiyaas ta'ee magaalaa qaamni aadaa walitti isaan hidhu fookiloorii jedhamuu akka danda'udha. Kana jechuun hawaasni kamiyyuu waan isaan walfakkeessu kan qabaniifi hawaasa barateefi hin bartiin akkasumas, magaalaa baadiyyaan kan hin daangeffamne ta'uu isaa mirkaneessa.

Kanatti dabaluun Oring (1986 :135) Dundes (1965:121) waabeffachuun "Folk can refers to any group of people what so ever who share at least one comman factor. The comman factors create a sense of collective identity, so that any population with such a sense could be regarded as a folk" jedhu.

Akka warraaabbii kanarraa hubachuun danda'amutti „folk“ jechuun garee hawaasaa kamiyyuu ta'ee yoo xiqqaatee, xiqqaate waan tokko kan waliin qooddatan jechuudha. Waan isaan waliin

qooddatan kun ammoo miira eenyummaa keessatti uumuu akka danda’u agarsiisa. Miirri eenyummaa kun dhuftee hawaasichaa, aadaafi amantaaf bu’uura ta’a. Kanaaf, gareen hawaasaa uumamu fookilooriif bu’uura ta’a.

Jechi Folklore jedhu jecha jechoota Afaan Ingilizii lama ‘folk’ fi ‘lore’ jedhaman irraa kan ijaaramedha. ‘Folk’ jechuunis uummata yommuu ta’u, ‘lore’ jechuun immoo beekumsa jechuudha.

Dorson (1972:2) fookloorii yemmuu ibsu akkas jedha:

*Folklore is the social, material, and oral culture of primitive societies. The social culture comprises such forms as festivals, dance, and religious rites. The material culture comprise architecture, and art and craft. The oral culture includes songs, tales legends, proverb and riddles.*

Yaanni isaa kun kan hubachiisu, fookilooriin aadaa hawaasaa, amantii hawaasaa, faaruu, oduu durii, mammaaksa, hiibboo, meeshaaleen aadaafi duudhaa hawaasaa hunda kan hammatu ta’uu isaati.

## **2.2. Faayidaa Fookloorii**

Fookilooriin faayidaa baay’ee qaba. Georgesfi Jones (1995:314) faayidaa fookilooriin hawaasaaf qabuun yoo ibsan:

*Through folklore people can educate or acculturate each other; perpetuate, challenge or modify a groups social norms and values; inform others about the basis for or nature of their culture; reveal or display their identity, traditional, knowledge, or competence; and entertain or be entertained jedhu.*

Yaadni kun kan ibsu fookilooriin hawaasa tokko kallattii hedduutiin tajaajila. Hawaasni fookilooriitti gargaaramee walbaransiisa, dudhaa hawaasaa toora qabsiisa, fooyyessa, waa’ee eenyummaafi seenaa addunyaa isaa beeksifata, ittiin bashannanaa walbashannansiisa.

*Folklore is crucial to a knowledge of human experience...the advantage of folklore is that it conveys what people think in their own words and actions, and what they say or sing in folklore expresses what they might not be able to in everyday conversation. in folklore, more than in other forms of human evidence, “one finds a people’s own un selfconscious picture of themselves (Dundes & Bronner, 2007:1).*

Kanarraas wanti hubatamu fookilooriin beekumsafi muuxannoo dhala namaa baruuf tajaajiludha. Faayidaan fookiloorii inni biroon immoo waan hawaasni yaadu, waan inni jedhu yookiin sirbu nama hubachiisa. Kana malees, fookilooriin damee beekumsaa kamiyyuu caalaa waa'ee hawaasa tokkoo nama hubachiisa.

### **2.3. Gooroowwan Fooklorii**

Gooroowwan fooklorii ilaalchisee hayyuun, Dorson (1972:1-2) "...folklore can be divided in to four categories these are termed the oral literature, the material culture the social folk custom and the performing folk arts. Each of these is in turn divided in to different sub divisions" jedha. Hayyuun kun fookiloorii bakka afuritti qoodee dhiyeesse. Isaanis afoola, meeshaa aadaa, duudhaa hawaasaafi aartii duudhaa jechuun kaa'a. Isaan kunis gareewwan xixiqqoo adda addaatti akka qoodaman ibsa.

#### **2.3.1. Meeshaalee Aadaa (Material Culture)**

Malleenn aadaa akaakuuwwan fookiloorii keessaa tokko ta'ee, wantoota ijaan argaman, harkaan qaqqabaman, arrabaanis dhamdhamamaniifi qabatamaa ta'an ofkeessatti hammata. Kanamalees, malleenn aadaa falaasama hawaasa tokkoo, seenaa, amantaa, aadaafi kan kana fakkaatan bu'ureeffachuun ogummaa hawaasichi baroota keessatti goonfateen kan hojjetamaniifi dhalootaaf dabarsamanidha. Yommuu darbu kanas ogummaa hawaasichi aadaa meeshaa tolchuufi fayyadamuu irratti qabu karaa al-idilee daawwachuun, yaadachuunfi hojjechuun dhaloota lufurraa dhaloota dhufutti darba. Yaaduma kana (Woodward 2007) yoo ibsu:

*The term 'material culture emphasizes how apparently inanimate things within the environment act on people, and are acted up on by people, for the purpose of carrying out social functions, regulating social relations and giving symbolic meaning to human activity (Woodward, 2007:3)*

Meeshaaleen aadaa akaakuuwwan fookiloorii keessaa tokko ta'ee, ogummaa hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti goonfateefi waliin gabbifateen kan hojjetamani. Kunis looriwwan garaagaraa kan ofjalatti hammatu yoo ta'u, isaanis hojii harkaa (folk craft), ogummaa harkaa (folk art), maandisummaa aadaa (folk architecture), aadaa nyaataafi dhugaatii (folk food and drink), uffannaa aadaa (folk costume/folk dress) jedhamuun kan qoqqoodamanidha. Meeshaleen aadaa meeshalee hawaasni tokko beekumsa isaatti fayyadamuun hojjatee, itti gargaaramu ta'anii haalli hojii isaaniifi itti fayyadamni, akkasumas, hiiknifi kabajni isaaniif kennamu dhalootaa dhalootatti daddarbaa kan dhufaniidha. Dameen fookilooriin kun ogummaa bobocaa hawaasa

tokkoo kan calaqqisiisudha. Meeshaleen aadaa qaaman argamuu kan danda'aniifi ogummaa, beekumsa, kalaqa, sadarkaa jireenyaafi kan kana fakkaatan hawaasni tokko kan qabaachaa ture kan ibsuudha. Kunneenis ogummaa hammayyaan dura kan turaniifi dandeettiifi muxannoo aadaa kan of keessatti hammatan ta'uu isaaniiti.

Malleenn aadaa kun kan miidhaginaafi amantii ta'uu danda'u. Akka Imaanaa (2007:49) qorannoo isaa keessatti ibsutti "Meeshaaleen aadaa kan akka saboroo, jaaloo, okolee, qorobee, qorxii, weessoofi kan kana fakkaatan meeshaaleen aadaa nyaataafi dhugaatii ayyaana ateetee waliin kan wal qabataniidha" jedha. Kanaaf, malleenn aadaa Oromoo kun tajaajila isaatiin ala fakkoommiidhaan kan qophaa'aniidha.

### **2.3.2. Barmaatilee Hawaasaa (Social Folk Custam)**

Duudhaan hawaasaa gooroowwan fookiloorii keessaa tokko ta'ee, adeemsa jiruufi jireenya keessatti hawaasni hirmaannaa waliiniitiin irradeddeebi'uun raawwatu akka ta'e hayyoonni garaagaraa ni mirkaneessu. Yaadauma kana fakkaatu Dorsan (1972:3) akka ibsetti, duudhaan hawaasaa garee hawaasaa yookiin miseensa garichaa amantaan, ayyaana, oomisha, da'umsa, dhaloota, gaa'ela, du'a yookiin haalawwan biroo wajjin walqabsiifamuun kan raawwatamu dha. Haala duudhaan hawaasaa keessatti kabajamu ilaalchisee Rechard Switerlich (1997:168) duudhaa hawaasaa yeroo itti dhiyaataniin iddoowwan afuritti qoqqooduun kaa'e: waqtii eeggatanii kanneen raawwataman (calenderical custome), lufiinsa jireenyaa kanneen bu'ureeffatan (Rites of passage costume), dhimmoota hawaasni waliin kabajatu (Significant communal event custome)fi dhimmoota amantaan walqabatan (Folk belief custom) fa'i. Hayyuudhumti kun itti dabaluun akka eeretti, akaakuwwan fookiloorii duudhaa hawaasaa keessatti argamuu danda'an bakka afuritti qooduun kaa'e. Isaanis ayyaanafi kabajawwan (festivals and celebrations), bashannanaafi taphoota dorgommii (recreations and games), qorsa aadaa (folk medicine)fi amantaa (folk religion) fa'i. Haaluma walfakkaatuun fookilooriwwan duudhaa hawaasaa keessatti argaman ilaalchisuun, Sims and Stephens (2005) yoo ibsan:

*Rituals are repeated, habitual actions, but they are more purposeful than custom; rituals are frequently highly organized and controlled, often meant to indicate or announce membership in a group. Most rituals bring together many types of folklore: verbal such as chants, recitations, poems or songs; customary such as gesture, dance or movements; and material, such as food, awards, clothing and costumes. (Sims and Stephens, 2005:1)*

Akka yaada hayyoota kanaatti, duudhaan hawaasaa dhimmoota garee hwaasichaa keessatti irradeddeebi’anii haala walfakkaatuun raawwatamanidha. Kunis kan raawwatamuuf, miseensa garee hawaasa tokkoo ta’uuf yookiin itti makamuu agarsiisuuf of beeksifachuu akka ta’e agarsiisa.

### **2.3.3. Aartii Duudhaa Hawaasaa (Indigenous Folk Art)**

Aartiin sochii qaamaa goorowwan fookiloorii keessaa tokko ta’ee, raawwii namni tokko yookiin gareen tokko bakka daawwattoonni jiranitti yeroofi iddoo murtaawwaa ta’etti raawwatudha. Yaada kana Sims and Stephens (2005:128) yoo ibsan, “Performance is an expressive activity that requires participations, heightens our enjoyment of experiences, and invites response. In order for a performance to “happen,” a recognized setting must exist (we have to know a performance is taking place) and participants (performers and audience) must be present.” Akkuma yaada waraabii kanarraa hubatamu, aartiin duudhaa hawaasaa raawwatamuuf, yoomessa (yeroofi bakka) qabatamaa, hirmaattota (dhiyeessitootaafi jamaa) dirqama barbaachisaa ta’uu isaati.

### **2.3.4. Afoola (Oral Literature)**

Hiika afoola irraa kaanee yoo ilaallu, Afoolli firiiwwan fookiloorii keessaa isa tokkodha. Hayyoonni adda addaa afoolaaf haala gara garaa irraa ka’uudhaan hiika adda addaa kennanii jiru. Okwephon (1992:34) yoo hiiku, “Oral literature refers to verbal art of traditional cultures usually composed orally and transmitted from generation to generation by word of mouth” jedha. Akka yaada waraabii armaan oliirraa hubanutti, afoolli gochaa aartii afaaniin dhalootarraa dhalootaatti daddarbuufi walitti dabarfamaa as gahee ta’uusaati.

Afoolli waa’ee uummata tokkoo dhuftee (origin) isaarraa kaasee haala inni amma keessa jiru quba qabsiisuun waanta fuulduratti jiru argamsiisuun eenyummasaa qabee dhaaba. “Afoolli uummata Oromoos uummatuma Oromoo akka calaqqisiisu hinhaalamu” (Misgaanuu, 2011:12).

Dundes(1965:61 ) akka ibsuti, “Oral literature service as tool by which the literature community of people to their deepest thouth’s feeling and common” jechuun lafa kaa’a. Akka yaada hayyuu kanaatti, afoolli meeshaa ummanni hinbaratin dhimma itti bahuun,waan keessoo isaaniitti dhagahame,ilaalchafi aadaasaa ittiin ibsatu jechuudha.

Afoolli hawaasni bara duriitii kaasee beekumsaafi muuxannoo kuufataa ture, jireenya hawaasaa keessatti sochii godhamuun bu'aa bahii jireenyaa, mudannoowwan gara garaa, rakkoowwan isaan mudatan bira darbuudhaaf qabsoo godhamu keessa uumamaa deema. Afoolli keessumaayyuu hawaasa qubeetiin barreessuu hineegalle biratti waa'ee addunyaa keessa jiraatanii ibsuuf, ilaalchaafi beekumsa jiru dhaloota dhufuuf dabarsuu keessatti gahee guddaa taphata.

Bukenyan (1994:85) afoolaa ilaalchisee yoo ibsu, "Oral literature is the heart of a people's way of life. It is the very soul of their culture. As the reservoir of a people's values, it expresses a given society's world view and gives them a spring board from which their day to day existence is propelled" jedha. Akka yaada kanaatti afoolli haala jireenya hawaasa tokkoo murteesuufi kuufama beekumsaa kan fuulduratti fuudhee deemu ta'uu isaati.

Afoola gargaaramee hawaasni, eenyummaa ofii beeksisa; dhuftee hidda dhaloota isaa seenessa; waa'ee jireenya waliigalaa irratti falaasama qabu ibsata. Gaddaafi gammachuu, hawwiifi abdi, jibbaafi jaalala, injifachuufi injifatamuu, deeggarsaafi mormii ittiin ibsata.

## **2.4. Amaloota Afoolaa**

Afoolli amala ittiin beekamu kan mataasaa danda'e qaba. Amalootni afoolli ittiin beekamu isaan gurguddoon: jijjiiramummaa, lufummaa, uummatummaa, yoomessa, hurruubummaa, afaanummaafi hirmaannaa jamaa qabaachudha.

### **2.4.1. Jijjiiramummaa**

Jijjiiramummaan amala afoolaati. Kunis, waliigaltee hawaasaan ykn dhiibbaan mul'achuu nidanda'a. Akka Wasaneen (2008:162) ibsetti "Afoolli jijjiiramummaaf baay'ee saaxilamaadha. Bu'uurri isaa hawaasni jijjiiramuu waan danda'uuf afooliifi hawaasni addaan bahanii hinilaalaman" jedhu. Akka yaada kanaatti afoolli dhibbaa hawaasa irra qaqqabu waliin walitti dhufeenya waan qabuufuu jijjiramaaf saaxilamaa akka ta'eedha.

Namni ogafaan beeku tokko namaaf dhiyeessee booda yeroo biraa otoo namoota biraaf isuma hurruubuuf yaale, akka gaafa duraatti guutummaan guutuutti dhiyeessa jechuun hindandahamu; kaan irraanfachuu danda'a yookaan haa ta'u jedhee kalaqa haaraa itti dabaluu fi bifa caalatti qalbii harkisa jedhee yaaduun dhiheessuuf yaala, yookaan haalli hurruubichi keessa jiru isa gaafa duraa waliin tokko tahuu waan hindandeenyeef waa itti dabaluu, yookaan waa hir'isuun hinoolu. Kuni ammoo ogafaanicha irratti gama adda addaan jijjiiramni akka uumamu godha.

Haaluma kanaan namoonni ogafaan nama tokko irraa dhagahan, nama biraaf himuuf yoo jedhan akkasuma jijjiiramni gara garaa uumamaa deema jechuudha. Kuni ammoo ogafaan irratti jijjiiramni akka mul'atu godha.

#### **2.4.2. Lufummaa**

Lufummaan amala afoolaa keessaa isa tokkoodha. Kunis, afoolli tokko haala kamiin dhalootaa dhalootatti darbaa akka deemu irratti xiyyeeffata. Yaada kana ilaalchisuun Wasaneen (2008: 164) akkas jedha: “Haalli afoolli tokko dhalootarraa dhalootatti darbu lufummaajedhama. Kunis, karaa lamaan dhalootatti darbu. Isaanis, haasaa afaaniifi gochaan dhalootarraa dhalootatti kan dabarsan miseensota hawaasaati”. Kana jechuun afoolli dhalootaa dhalootatti kan darbaa dhufe gochaafi jechaan ta'uu isaati.

#### **2.4.3. Uummatummaa**

Afoolli qabeenya hawaasati. Afoolli akka ogbarruuwwan biraa kan abaluuti jechuun hindanda'amu. Kana jechuun itti waamaminni isaa hawaasichadha. Finnegan (1970) uummatummaa afoolaa akkanatti ibsiti: Afoolli qaama caasaa aadaati; seera raawwiifi walmakaa matasaa qaba.

Yaadni kun kan hubachiisu, qabeenyummaan afoolaa uummata malee nama dhuunfaa akka hintaanedha. Afoolli kan nama dhuunfaa yookaan garee muraasaa osoo hintaane kan hawaasati jechuudha.

#### **2.4.4. Yoomessa qabaachuu**

Afoolli yoomessa keessatti dhiyaatu qaba. Yoomessi kun immoo afoolli tokko akka dhugummaa horatu taasisa. Kunis bakkaafi yeroo beekamuun walqabsiisuun kan dhiyeessudha. Qorannoon afoolaa haala hawaasummaa dhugaa afoolicha keessatti raawwatamuufi faayidaa inni walitti dhufeenya hawaasummaaf qabu irratti xiyyeeffachuu qaba. Yoomessi dhugaa qindeeffama afoola hedduu jiran hunda osoo ilaalamee, hundumtuu bakkaafi yeroo itti raawwatamu kan mata isaa niqaba (Dorson, 1972).

#### **2.4.5. Hurruubummaa**

Amalli afoolaa hunda caalaa bu'uura ta'e hurruubummaadha. Akkuma Finnegan (1970:2) jette, afoolli kan dhugoomu raawwiin. Kana jechuun ammoo hojiin afoolaa tokko, akkuma maqaan isaa ibsu, dubbiin dhugoomuu danda'a. Kunis hawaasa keessatti waltajjii tokkoratti dhimma

tokkoof dubbatama. Hayyoonni hedduun amaloota afoolaa keessaa hurruubummaan isa bu'uuraa akka ta'e amanu. Warquun (2001:8) hurruubummaa yoo ibsu akkana jedha:

*Afoola sochii qaamaaf sagaleeti ala dabarsuun rakkisaadha. Kan geerraru yoo jiraate kan sissi'eessu jiraachuun hin oolu, kan weellisu yoo jiraate kan jalaa qabu jiraachuun ni mala. Kan mammaaku yoo jiraate kan dhageeffatu jiraachuun dirqama. Kan jedhuuf kan jalaa qabu ykn. Kan dhageeffatu jiddutti quunnamtiin walirraa hin cinne ni mul'ata, kanaafu, afoola keessatti gochi gahee olaanaa qaba jechuudha.*

Yaada olii irraa kan hubatamu yoo hurruubummaan hin jiru ta'e, afoolli jira jechuun hindanda'amu. Haalli uumama isaas ta'ee adeemsi lufummaa isaa hurruubummaa irratti kan hundaa'eedha. Afoolli kamiyyuu yoomessa hawaasummaa mataa isaa irratti hundaa'ee hurruubaatiin jamaa fulduratti dhiyaata. Kana jechuun garuu yerootti afoolli bakka jamaan hinjirretti hinhurruubamu jechuu miti. Afoola suuraafi ogummaan isaa haalaan kan goobanee mul'atu, kan kaayyoon hurruubamuufis bakka gahuu danda'u, onnee jamaas booji'uu kan danda'u kallattiitiin jamaa fuulduratti yoo hurruubameedha. Hurruubaan afoola tokkoo jamaa fuulduratti yoo dhiyaatu qalbii daawwattoota too'achuudhaaf waan amalli afoolichaa sun eeyyamu mara raawwata . Kana irratti ogummaafi dandeettii dhuunfaa isaa ida'a. Harki, miilli, fuulli, (qaamni marti) akka waliigalaatti gahee afoola hurruubamaa jiru sun irraa barbaadu bahu.

#### **2.4.6. Jamaa qabaachuu**

Amala afoolaa keessaa inni tokko jamaa qabachuudha. Jamaa jechuun kan hirmaatuufi kan dhageeffatu yookan kan jalaa qabudha. Yaada kana cimsu, Wasaneen (2008:155) yoo ibsu, "Afoolli yeroo kamiyyuu garee barbaada, namoota walitti qabu qaba." Yaada kanarraa hubachuun akka danda'amutti afoolli gareen waan dalagamuuf jamaa kan qabuudha. Kana malees, jalqabaa hamma xumuraatti gareedhaan walfaana weeddifamu.

#### **2.5. Maalummaa Afwalaloo**

Afwalaloon dubbii afaaniitiin yeedaloon kennameefii, yookaan otoo hinkennamiin kalaqaafi ogummaa dhimma hawaasummaa adda addaa irratti kan xiyyeeffatudha. Haala kanaan aadaa, duudhaa, safuu, seenaa, eenyummaa hawaasaa, walumaagalatti, ogummaafi (wisdom) jireenya hawaasa tokkoo ibsuuf humna guddaa kan qabudha. Afwalaloon Oromoos akkuma afoola Oromoo kanneen biroo dhalootarraa dhalootatti kan darbu dubbii afaaniin yemmuu ta'u, yeroo daddarbus kan yeedaloo qabu yeedaloo isaa waliin, kan hinqabnes akkuma jiruttidha. Afwalaloon kan yeedaloo faana darbuu danda'an kan akka weedduu jaalalaa, cidhaa, sirba

ateeteefi kan kana fakkaatan yoo ta’u kan yeedaloon isaa ifatti bahee hinmullanne immoo kanneen akka oduu durii, hibboofi mammaaksa fa’i (Misgaanuu, 2011: 62). Afwalaloon yeroo irraa bilisa ta’e immoo dhimma yeroo wajjin kan walqabate osoo hin ta’in yeroo kamiyyuu faarfatamuufi weeddifamuu kan danda’udha. Kana jalatti afwalaloon hedduu beekaman weedduuwwan garaagaraati. Kunis, akka inni baraan hin daangeffamneef daangaa darbee kan deemu ta’uu isaa nu hubachiisa.

Fedhasaan (2013:49) akka ibsetti “Walaloo afoolaa (afwalaloo) Oromoo bakka gurguddoo torbatti qoodamuu dandaa’a. Isaanis: geerarsa, weedduu, sirba, faaruu, eebba/abaarsa, gungummiifi tabaallidha.” “Gosoota ogafaan Oromoo keessaa kan afwalalummaa ofkeessa qaban: geerarsa, weedduu jaalalaa, weedduu seenaa, weedduu siyaasaa, weedduu asmaarii, weedduu cidhaa, weedduu ateeteefi weedduu daboo” (Misgaanuu, 2011:59). Yaada armaan oliirraa akka hubannutti weedduun qaama afwalaloo keessaa isa tokkodha.

Afwalaloon kunis hawaasa dubbisuu yookiin barreessuu hindandeenye ykn danda’uuf qindeeffamee dhalootaaf afaaniin daddarba. Yaadrimeen afwalaloo kunis baay’ee walxaxaa kan ta’eedha. Ta’uus afwalaloon hunduu walfakkaatui jechuun hin danda’amu. Fennegan (1970) yaada kana akka armaan gadiitti ibsiti.

*Some oral poetry is oral in all these respects, some only in one or two. It is important to be clear how oral poetry can vary in these ways as well as about the problems involved in assessing each of these aspects of oral-ness. It emerges that the oral nature of oral poetry is not easy to pin down precisely (Fennegan, 1970:17).*

### **2.5.1. Maalummaa Weedduu**

Gammachuu (2003: 8) yoo ibsu “Weedduun wantoota aadaa uummata tokkoo calaqqisiisan keessaa isa tokko ta’ee kan safara gabaabaa of keessatti hammatuufi sirba garaagaraa sirbuuf gargaarudha.”

Kanumaan walqabatee, GQAO (1995:5), Holmeen (1992:449) wabeeffachuun akka kaa’anitti, “Song lyric are usually short, simple sensuous, emotional, perhaps the most spontaneous lyric form” jedha. Kana malees, GQAO (1995:5), Weedduun walii lama. Isaanis; ‘Art song fi Folk song’ jedhamuun kan beekaman yoo ta’u, Art song kan jedhaman ogeeyyii ogummaa weedduu barataniin qophaayee meeshaa muuziqaa jabanaa wajjiin qindaa’ee dhiyaata. Kan baratamus,

dhagahuu yookaan haasa'uu qofaan osoo hinta'in barreeffamaan ta'a. Folk song kan jedhaman immoo, weedduu aadaa kan afaaniin qofa dhalootaa dhalootatti darba jechuun ibsu.

Yaada olii kanarraa kan hubatamu, weedduun bakka lamatti qoodamuusaa: Weedduu ammayyaa (Art song) kan ogeeyyii ogummaa weedduu beekaniin kan weeddifamuufi meeshaa muuziqaatiin dabalame kan dhiyaatu, akkasumas, weedduu aadaa (Folk Song) kan hawaasni hinbaratin dhimma itti bahaa ture ta'uusaati.

#### **2.5.1.1. Weedduu Aannan Raasuu**

Weedduun Aannan Raasuu gosoota weedduu jiran keessa tokko kan ta'eefi yeroo aannan raasan kan weeddifamuudha. Weedduu aannan raasuu kanatti dhimma bahuudhaanis hawaasni Oromoo gorsa, ergaa adda addaafi waan miira isaanitti dhagahame ofiisaanii kan ibsataniidha. Akkuma maalummaa weedduu jalatti ibsametti weedduun aannan raasuu kun bifa walalootiin kan weeddifamuufi miira namootaa kan kakaasuudha.

Oromoon Karrayyuus yemmuu aannan raasan weedduu kanatti dhimma ba'uun ergaawwan adda addaa waliif dabarsu. Hawwii, gorsa, qeeqaafi fedha isaanii weedduu kanaan waliif gumaachu. Wantoota kallattiidhaan dubbachuu hinbarbaadne weedduu kana fayyadamuun ibsatu. Weedduun Aannan Raasuu weedduu aadaa (Folk song) ta'ee yeroo aannan raasan kan weeddifamuudha.

“Weedduun aannan raasuu afaaniin dhalootarraa dhalootatti durii jalqabee hanga har'aatti afaaniin daddarbaa kan jiruufi jechoota haqniifi jireenyi kan ittiin ibsamuufi miira namaa kan ibsudha” (Faaxee Qumbii 2012, Goolaa).

Akkuma maalummaa weedduu jalatti ibsametti weedduun aannan raasuu kun bifa afwalalootiin kan weeddifamuufi miira namootaa kan kakaasuudha. Oromoon Karrayyuus muuxannoofi mudannoo, haala jiruufi jireenyasaa weedduu aannan raasuu kanatti fayyadamuun ibsata.

Weedduun aannan raasuu afaaniin dhalootarraa dhalootatti durii jalqabee hanga har'aatti daddarbaa kan jiruufi gara fuulduraattis jiraatudha weedduun aannan raasuu kun umurii dheeraa kan qabu ta'ee haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo dhalootaa dhalootatti dabarsuuf kan gargaarudha. Gosti weedduu kun jechoota filatamoon kan ibsamu, miidhagina kan qabu, haqniifi jireenyi kan ittiin ibsamuufi miira namaa kan ibsudha.

*Weedduun aannan raasuu waa'ee jiruufi jireenyaa (finna) dhala namaa ta'ee, kan namootaan qindeeffamee namootaaf dhiyaatudha. Weedduun kun ogummaa jiruufi jireenya ilma namaa jechoota miidhagoofi kan miira namaa harkisuu danda'anitti dhimma ba'uun ibsamu ta'ee kan dhalootaa dhalootatti daddarbudha (Roobaa Arroolee 2012, Galchaa).*

Yaada manguddoo kanarraa kan hubatamu, weedduun aannan raasuu waa'ee uummataa uummataaf deebisee kan dhiyeessu, dawwitii jiruufi jireenya dhala namaa kan ibsu ta'uu, gosti weedduu kun jireenya ilma namaa kan calaqqisiisu, miidhagsee ykn gabaabsee kan dhiyeessu ta'uu isaati.

Oromoon Karrayyuus muuxannoofi mudannoo, haala jiruufi jireenyasaa weedduu aannan raasuu kanatti fayyadamuun ibsata. Yaada kana deeggaruun Boruu, Roobaafi Mohaammad (2012) yoo ibsan:

*Weedduun aannan raasuu ni barsiisa; nigorsa; niqeeqas. Kana yoo jennu yaanni weedduu sana keessatti calaqqisu ijoollee, dargaggoos ta'ee namoota gurguddoo waa barsiisuu yookaan hubachiisuu danda'a. Akkasumas, amala, gocha, ilaalcha yookaan shaakala hawaasicha jiddutti mul'atan, garuu kan ummatichi jibbu tokko tokko qeequudhaan akka sirratu akeekkachiisa (Boruu Haammadoo, Roobaa Arrooleefi Mohaammad Alii, 2012 Tuuroo).*

## **2.6. Aannaniifi Oromoo Karrayyuu**

Oromoon Karrayyuu uummata Oromoo sulula laga Hawaas keessa jiraatudha. Uummanni Karrayyuu uummata Oromoo jaalala addaa dhala namaatiif qabaniidha. Yoo tuqan malee nama hintuqan. Yoo tuqan garuu, waliif birmachuun aadaa isaanii kan ta'e gosaafi qomoon dhufanii diina dhukkee irraa kaasu. Kanaafuu, sabaafi sablammoonni naannawa daangaa isaa jiraatu uummata jaalalaan bulaniifi tuqan nama hindhiisne ta'uusaanii sirriitti waan beekaniif kabajanii waliin jiraatu.

Haalli jiruufi jireenya isaanii loon horsiisuu irratti kan hundaa'edha; horsiisee bultoota. Nyaanniifi dhugaatiin isaanii immoo aannani. Oromoo Karrayyuu biratti aannan oddoo olaanaa qaba. Qabeenyi nama tokkoos kan madaalamu baay'ina loonii qabuun osoo hintaane baay'ina dhaltii yeroo tokkotti qabuunidha. Namni yeroo tokkotti loon dhibba elmatu qabaataadha jedhama. Namni yeroo tokkotti dhaltii dhibba elmatu immoo akka aadaa isaanitti kiila gale jedhama. Kiila gale jechuun aannan dhaltii dhibba tokkoo elmuun boolli qophaa'ee itti

cuubamuu jechuudha. Kana irraa kan ka'e namni dhaltii baay'ee qabu kabaja addaa qaba. kanaafuu, aannan akka madda kabajaatti ilaalu. Kana malees, aannan akka eebba Waaqaatti fudhatu. Kunis, namni eebba Waaqaa qabu horee lafa guuta waan jedhamuuf aannan immoo mallattoo eebbati jedhama.

Oromoo Karrayyuu biratti aannan gaalaa, looniifi re'ee beekamaadha. Namoota keessummaa mana isaani dhaqaniif garuu aannan loonii qofa kennu. Sababni isaas aannan gaalaafi re'ee iddoo biraatti waan hinbeekamneefidha. Ofii isaanitiif immoo gosoota aannanii olitti ibsaman sadanuu ni fayyadamu. Aannan gaalaafi re'ee akka qorichummaattiis ni fayyada. Sababni isaan isaan lamaanuu biqiltoota adda addaa waan soorataniifidha.

Dhiirri Oromoo Karrayyuu baay'inaan aannan gaalaa fayyadamu. Yeroo baay'ee gaala waliin godaananii tika waan oolaniif aannanuma gaalaa akka soorataatti fayyadamu. Ijoollee isaaniif immoo, aannan re'ee kennu. Kunis, re'een baala adda addaa waan soorataniif faayyaa ijoolleetiif gumaacha olaanaa qaba. Gaalliifi loowwan biroo yemmuu soorataafi bishaan barbaada qe'ee irraa fagaatanii deeman (godaanan) dhaltiin garuu, mana irraa fagaatanii hingodaanan. Kunuunsi adda addaa shamarraniifi ijoollee dhiiraa qe'ee jiraniin (Galaafi loon biroo waliin kan hingodaannen) taasifamaaf.

Aannan isaaniis taanan jaarsolii, haawwan, shamarraniifi ijoollee dhiiraa qe'ee jirantu dhuga. Aannan raafamus aannan looniti. Aannan gaalaa yoo raafame dhadhaa hinba'u. Sababni isaas hinititu waan ta'eef. Kan hinititne immoo, baalaafi qoree adda addaa malee akka loonii margaa waan hin nyaannefidha. Aannan re'ee garuu raafamna dhadhaa ba'uu danda'a. Haa ta'u malee, sababoota lamaaf aannan re'ee hinraafamu: Fooliin dhadhaa re'ee namatti waan hintolleefi aannan baay'ee ba'uu waan hindandeenyeef cimmiisuun isaa yeroo dheeraa waan fudhatuufidha.

Oromoon Karrayyuu aannan loonii raasee bu'aa aannanii kan ta'e dhadhaa fayyadamuun beekama. Yemmuu kana immoo, weedduu aannan raasuu weeddisaa hojii isaani kana raawwatu.

## **2.7. Yaaxinaalee Qorannichi Bu'uureffate**

Bu'aa kallattii beekumsa tokko argamsiisuuf qabuufi daandii inni beektota /hayyootatti agarsiisuuf qaburratti bu'uuruun hayyuun Dorson, R. jedhamu dayeessawwan Fookloorii jiran haala yeroo ammaa keessa fudhatama qabaniin bakka garaa garaatti qooda: ideology, contextual, historical-geographical, historical-reconstructional, hemispheric, mass-cultural, functional,

psychoanalytical, folk-cultural, cross-cultural, structuralfi oral-formulaic kanneen jedhamanidha. Yaaxinota olitti ibsaman keessaa kan qorannoo kanaan walitti dhufeenya qaban kanneen armaan gadiiti.

### **2.7.1. Yaaxina Faayidaa (Functional Theory)**

Akka yaaxina kanaattii afoollii faayidaan inni uummataaf qabu maali? Isa jedhu ilaaluun hundarra murteessaadha yaada jedhutu olaantummaan mul`ata. Haaluma kanaan tajaajilli afoolli garagaraa qabus: mammaaksi murtii seera qabeessa dabarsuu baruuf gargaara; hibboon dhugaa qara; durduriin amala sirreessa, akkasumas, safuu hawaasaa eeguun waan baramoo ta`an jechoota baramoon yookiin kanneen hawaasichi itti gargaaramuun ergaa dabarsaa nama bashannansiisa, weedduun onnee gootaa cimsa. Kanaafuu, namoonni afoolatti gargaaraman hundi haala barbaachisummaa isaa hubatanii yookiin faayidaa /ergaa/ isaa irratti hundaa`anii akka itti fayyadamaniif kan carraa kennudha. Kanaafuu, qorannoon kunis yaaxina kana irratti hundaa`uun ergaa weedduu aannan raasuutiin darban lafa kaa`uuf filatameera.

### **2.7.2. Yaaxina Haalaa (Contextual Theory)**

Fookloorii Akaakuuwwan Fookloorii qorachuuf hayyoonni yaaxina haalawaa fookloorii akka fayyadaman barrreeffamoonni qorannoo nibsu. Yaaxinni kunis yoomessaafi haalawa kam keessatti akkaataa kamiin fooklooriin akka dhiyaate irratti kan xiyyeeffatuudha. Kanuma wajjin walsimatee weedduu aannan raasuu keessatti ga`een hirmaatootaa maal akka ta`e, yeroofi bakki weedduun kun itti weeddifamu keessatti hiikkoon isaan qaban yaaxina haalawa fookloorii bu`ureeffachuun xiinxalameera.

### **2.7.3. Yaaxina Jijjiramaafi Itti Fufiinsaa (Change and Continuity Theory)**

Akka yaada daayeessa kanaatti afoolli sababoota adda addaatiin jijjiiramaa (laafaa) deema sababii ta`eef, tajaajila inni hawaasaa qabu hubatanii deebisanii itti fufsiisuun barbaachisaa ta`uusaati. Fooklooriin hawaasaa ibsituu jiruufi jireenyaa waan ta`eef akkamu haalli jiruuf jireenya (life style) hawaasaa jijjiiramaa deemuun afoolli itti itti fayyadamullee haala jiruufi jireenya hawaasaa sana hordofee waliin jijjiiramuun itti fufiinsaan tajaajila kennuu akka qabu ibsa. haala jireenya hawaasa tokkoo yemmuu jijjiiramu afoollis faana of madaksuu qaba malee itti fayyadamni isaa hafuu (laafuu) hinqabu. Kanaafuu, qorannoon kun yaaxina kana bu`uura gochachuun haala jiruufi jireenya Oromoo Karrayyuu faana walitti hidhatiinsa qabaachuun akka itti fufu taasisuuf faayidaarra ooleera.

## **2.8. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii**

Qorannoo tokko gaggeessuuf qorannoowwan garaagaraa kana dura mata duree qorannichi irratti gaggeeffamuun walitti dhufeenya qaban ni sakatta'amu. Haaluma kanaan qorannoowwan adda addaa mata duree qorannoo kanaa waliin walitti dhufeenya qaban sakatta'amaniiru. Ta'us, qorannoon kallattiidhaan mata duree kana irratti gaggeeffame hinjiru. Haata'u malee, qorannoowwan sadii kan qorannoo kana deeggaruu danda'an Yunivarsitii Finfinneetti gaggeeffamaniiru.

Qorannoon inni duraa Immabeet Alamuutiin (2009) mata duree "Qaaccessa faaruu qaammee godina Shawaa Bahaa Aanaa Gimbichuu" jedhu irratti kan hojjetamedha. Xiyyeeffannoon isaatiis faaruwwan funaanuun faayidaa isaanii qaaccessuun kan dhiyeessudha. Garaagarummaan jiru qorannoon ishee faaruu qaammee funaanuun faayidaa isaanii irratti xiyyeeffatti malee dhimmoota achi keessatti ka'an tokko tokkoon kaasee hinilaalle. Qorannoon kun garuu weedduu aannan raasuu qaaccessuu qofa osoo hintaane dhimmoota achi keessatti ka'an tokko tokkoon ni qaaccessa; yoomessaafi hirmaattota weedduu aannan raasuu, achi keessa jiran illee nixiinxaala.

Qorannoon lammattaa, Seefuu Gaaddisaatiin (2008) mata duree "Qaaccessa weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa Oromoo godina Shawaa Lixaa Aanaa Amboo" jedhu irratti digrii lammaffaa ittiin guuttachuuf Yunivarsiitii Finfinneetti gaggeeffame yoo ta'u, xiyyeeffannoon isaa faaruun arrabsoo fuudhaafi heerumaa kun sababa ilaalcha gadaanaa dhaloonni haaraan kun qabuuf irraa kan ka'e badaa waan jiruuf, faayidaa isaa hubachiisuun badiirraa hambisuudha. Qorannoon kun garuu, faayidaa isaa qofa xiinxaluu utuu hintaane, hirmaattotaafi yoomessa isaallee xiinxala. Qorannoowwan kun lammaan waa'ee weedduu aannan raasuu wanti lafa kaa'an jiraachuu baatanis alkallattiin qorannoo kanaaf ka'umsa ta'aniiru.

Qorannoon sadaffaan mata duree qorannoo kanaatiin walitti dhufeenya qabaachuus baatu kallattiin Oromoo Karrayyuu irratti gaggeeffame, qorannoo Mulugeetaa Nagaasaatiin (2014) mata duree "Documentatin and Analysis of Ritual performances of 'Sera Gada' among the Karrayyuu Oromo" jedhu irratti digrii 3ffaa ittiin guuttachuuf Yunivarsiitii Finfinneetti gaggeeffame yoo ta'u, xiyyeeffannoon isaa Oromoon Karrayyuu akkamitti seera Gadaa isaatiin akka walbulchu, seera tumu, walaangessuufi sirna waliigala seera gadaa Oromoo Karrayyuu kan xiinxaludha. Kana malees, Seera Gadaa Oromoo Karrayyuu xiinxaluufi hiikuun galmeessee

kaa'uudha. Qorannoon kun waa'ee weedduu aannan raasuu kaasuu baatus, odeeffannoo waa'ee uummatichaa kennuun qorannoo kanaaf bu'uura buuseera.

## **BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHA**

Boqonnaa kana keessatti mala qorannoon kun ittin gaggeeffametu ibsame. Kana malees iddattoofi malli iddatteessuu qorannicha kana keessatti dhimma bahames dhiyaataniiru. Malleenn funaansa ragaalee qorannicha keessatti dhimma ba'aman: Daawwannaafi afgaaffiin ibsamaniiru. Dhuma irratti, malli qaaccessa odeeffannoo qorannichaa bal'inaan dhiyaateera.

### **3.1.Saxaxa Qorannoo**

Qorannoo tokko gaggeessuu keessatti kallattiin raawwii qorannichaa maal akka ta'e ibsamuu qabu. Dhimmoonni qorannicha keessatti akka bu'uuraatti ilaalaman maal irratti akka xiyyeeffatamuu qaban addaan baasuun beekuun qorannicha haala barbaadameen raawwachuuf gargaara. Saxaxa qorannoo ilaalchisee, Victor (2009: 203) "The research design is plan of action that allows the researcher to know (to paraphrase) where they came from, where they are and where they are going" jechuun ibsa. Adeemsi Saxaxa qorannoo karoora hojii kan qoraatan beekuu qabu, eessaa akka inni ka'e, eessarra akka jiruufi eessa akka inni ga'u kan murteessudha.

Yaada kana Addunyaan (2011:64) "Qorannoon tokko kan murteessu, gaaffiiwwan qorannichi deebisuuf deemu, kaayyoo isaafi akaakuwwan odeeffannoo argannuuti" jechuun lafa kaa'ee jira. Saxaxni qorannoo mala qorataan qorannicha ittiin gaggeesse, akkaataa filannoo iddattootaa, tooftaalee odeeffannoon ittiin guuramu maal maal akka ta'e kan ittiin qaacceffaamu ta'uusaa yaadota olii irraa hubachuun ni danda'ama. Kanaafuu, malli qorannoo kana gaggeessuuf hojiirra oolus mala qaaccessa qorannoo akkamtaati. Malli qaaccessa qorannoo akkamtaa gaaffiiwwan maaliif? Akkamitti? Jedhuuf deebii laachuuf kan carraaquufi dhimmoota qorannichaa keessatti dhiyaatan mara jechaan kan ibsudha. Kanuma irraa ka'uudhaan sababni qorataan qorannicha qorannoo akkamtaa filateefis dhimma qorannoo isaa kallattiidhaan hawaasa keessa seenuun odeeffannoo barbaachisaafi qabatamaa ta'e funaannaachuun dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan jechaan waan ibseefidha.

### **3.2.Madda Ragaa**

Qorannoo geggeessuu keessatti maddi ragaa karaa lama argama. Isaanis, madda ragaa tokkoffaafi madda ragaa lammaffaati. Maddi inni tokkoffaa odeeffannoo qaama dhimmi isaa ilaallatu irraa kallattiin funaannachuun kan argamu yoo ta'u, kunis, namoota naannoo waa'ee Weedduu Aannan Raasuu Oromoo Karrayyuu irratti beekumsaafi muuxannoo qaban irratti hundaa'uun malleen funaansa ragaalee keessaa daawwannaafi afgaafiitti dhimma bahuun

odeeffannoo argamedha. Qorannoo tokko adeemsiisuuf ragaan gahaan kan argamu madda ragaa tokkoffadha. Kanaaf, maddi odeeffannoo hawaasa Aanaa Fantaallee keessaa namoota kaayyicha galmaan ga’u jedhamanii amanaman madda odeeffannichaa ta’uun fudhatamaniiru. Kanarraa ka’uun qorannoo kanaaf maddi odeeffannoo tokkoffaa manguddoota 8 fi haawwolii 12 walumaagalatti namoota 20 weedduu aannaan raasuu irratti hubannoo qaban mala iddatteessuu kaayyeffataatiin filatamee hojiirra oolee jira.

### **3.3.Iddattoo**

Iddattoon hirmaattota waliigalaa jiran keessaa kanneen bakka bu’uu danda’an murteessuudha. Akkaataa yeroofi baajata qusatuufi kaayyoo qorannichaas galmaan ga’uu danda’u irratti hundaa’uun baay’ina waliigalaa irraa daangaa iddattoo addaan baafachuun kanneen bakka bu’an murteessuudha.

Iddattoon qorannichaas hawaasa aanaa Fantaallee jiraatan keessaa namoota muraasa hirmaachisuun yoo ta’u, iddattoon kunis qaaccessa weedduu aannaan raasuu Oromoo Karrayyuu godina Shawaa Bahaa aanaa Fantaallee keessa jiraatan namoota dhimma kana irratti hubannoo qaban jedhamanii amanaman digdama(20) fudhachuun qoratichi qorannoo kana gaggeessee jira.

### **3.4.Mala Iddatteessuu**

Malli iddateessuu qorannichaas mala miti carraa keessaa mala iddatteessuu akkayyooti. Haaluma kanaan namoota hubannoo Weedduu Aannan Raasuu Oromoo Karrayyuu irratti qaban manguddoota saddeet (8) fi haawwolii 12 walumaagalatti, namoota 20 irraa mala iddatteessuu miti carraa kan ta’e mala iddatteessuu akkayyooti dhimma bahuun dubartoonni aannan raasaa weeddisan waraabamaniiru. Sababni dubartoonni baay’inaan qorannicha keessatti qooda fudhataniifis, qorannichi xiyyeeffannoon isaa qaaccessa weedduu aannan raasuu Oromoo Karrayyuu irratti waan ta’eef, aannaan kan raasuu iimmoo shamarrani; abbootii dhimmaa baay’inaan hirmaachisuun galma ga’iinsa qorannichaaf gumaacha olaanaa qaba jedhee waanan amaneefidha.

#### **3.4.1.Mala Iddetteessuu Akkayyoo**

Addunyaan (2011:67) Berg (2001) wabeeffachuun mala iddatteessuu akkayyoo ilaachisee yoo ibsu “Qorataan tokko beekumsa dhimmicharratti qaburraa ka’ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda’u akka kaayyoo qorannichaatti eenyuun otoon filadhee odeeffannoo gahaa naaf kennuu danda’a? Jechuun qorannoo isaa galmaan gahuuf iddattoo filata” jedha. Kanaafuu,

qorannoo kana yemmuun gaggeessu namoota waa'ee weedduu aannan raasuu irratti muuxannoofi beekumsa qaban ta'e jedhee filachuun waan odeeffannoo qorannichaa barbaachisan walitti qabadheef mala kana fayyadame.

### **3.5.Mala Odeeffannoon Ittiin Funaanamu**

Milkaa'ina qorannoo tokkoof qorataan mala odeeffannoo ittiin guuramu addaan baasee beekuun barbaachisaadha. Waan kana ta'eef qoratichi malleen funaanasa odeeffannoo armaan gaditti dhiyaatanitti dhimma ba'uun odeeffannoo qorannichaa barbaachisu walitti qabuufi. Malleen funaansa odeeffannoo keessatti tajaajilanis daawwannaafi afgaaffiidha. Sababiin isaas qorannicha weedduu aannan raasuu irratti waan xiyyeeffatuuf, kallattiin keessatti hirmaachuun daawwachuufi odeeffannoo haala kanaan argachuun rakkisu immoo garee hawaasaa dhimmicharratti hubannoo qabu jedhamee yaadameef af-gaaffii dhiheessuun ragaa funaanuun waan danda'amuufidha.

#### **3.5.1. Daawwanna**

Daawwannaan malleen ragaan ittiin funaanamu keessaa tokko ta'ee odeeffannoo jalqabaa (primary data) qorannoo tokkoof barbaachisu ittiin walitti qabuuf gargaara. Akaataa kanaan qoratichi lafa odeeffannoo gahaafi amansiisaan af-gaaffii dhuunfaafi marii gareetiin argachuun rakkisaa ta'etti, weedduu aannan raasuu geggeeffamutti kallattiin keessatti hirmaachuufi daawwachuun malleen waraabbii sagaleefi suur-sagaleen gargaaramuun odeeffannoon walitti qabameera. Dastaa (2013:118) yoo ibsu, "Daawwannaan mala odeeffannoon qorannoon ittiin funaanamu keessa isa tokko. Qorataan iddoo qorannicha itti geggeessu sanatti yeroo yeroodhaan argamee qaama qorannicha irratti geggeessu sana hordofa."

Daawwannaan malleen ragaan ittiin funaanamu keessaa tokko ta'ee odeeffannoo jalqabaa (primary data) qorannoo tokkoof barbaachisu ittiin walitti qabuuf gargaara. Akaataa kanaan qoratichi odeeffannoo gahaafi amansiisaa bakka raawwiin weedduun aannan raasuu itti geggeeffamutti kallattiin keessatti hirmaachuun ergaawwan weedduu aannan raasuu keessatti darbaniifi Sadoomiiwwan weedduu aannan raasuu keessatti dhimma ba'aman maal fa'a akka ta'e daawwachuun, yoomessa weedduun aannan raasuu keessatti gaggeeffamu, hirmaattotni weedduu aannan eenyu fa'a akka ta'an, faayidaa weedduun aannan raasuu Oromoo Karrayyuuf qabuufi sababoota weedduu aannan raasuu laaffisaa dhufan daawwachuun odeeffannoon qorannichaa barbaachisan walitti qabamaniiru.

### 3.5.2. Af-gaaffii

Afgaaffiin akaakuwwan malleen funaansa odeeffannoo keessaa tokko ta'ee, kan qorataafi odimaan fuulleetti walarganii odeeffannoon irraa walitti qabamudha. Yaada kana Dastaa (2013:111) "Af-gaaffiin gosoota odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokko ta'ee kan qorataafi dhimmaan fuulleetti walarganii odeeffannoo waliikennani" jedha. Dabalataanis, Dastaa (2013:113) Yaalew (2006) wabeeffachuun cimina mala odeeffannoo afgaaffiin funaannachuu akka armaan gaditti ibsa. "Afgaaffiin yeroo barbaade fooyya'uu akka danda'uufi yeroo afgaaffii odeeffannoon funaanu kan afaaniin dubbatu caalaa sochii od-himtoota irraa odeeffannoo dabalataa argachuufi kan kana fakkaatuuf faayidaa cimaa qaba." jedha. Kanamalees, namoota dubbisuufi bareessuu hindandeenye yaada isaanii osoo jalaa hinhafiin ibsatu.

Namoonni afgaaffiin odeeffannoon irraa funaanames lakkoofsaan namoota kudhani (10). Akkaataan itti filatamanis, namoota weedduu aannan raasuu Oromoo Karrayyuu irratti muuxannoofi beekumsa qaban, kaayyoo irratti hunda'uun filatame. Gaafileen dhiyaatanifis gaaffilee gartokkeen caaseffamaa lakkoofsaan torba ta'anidha. Od-himtoota irraa osoo odeeffannoo hinfunaaniin dura barbaachisummaafi kaayyoo qorannichaarratti ibsi kennamee jira. Haaluma kanan tokkoon tokkoon od-himtootaa afgaaffii torba torba dhiyaataniiru. Afgaaffiwwan kunneenis, yemmuu aannan raasan maal fa'a jedhanii weeddisu? Weedduu aannan raasuutti dhimma ba'uun ergaawwan akkamii ittiin dabarfatu? Weedduun aannan raasuu yoomiifi eessatti weeddifamuu danda'a? Qooda fudhattoonni weedduu aannan raasuu eenyu fa'i? Weedduun aannan raasuu faayidaawwan akkamii qaba? fi Sababoonni weedduu aannan raasuu laaffisan maal fa'i jettanii yaaddu? Kanneen jedhan gaafatamuun deebii isaanii kennaniiru.

Deebii kennitoonnis, Weedduun aannan raasuu Oromoo Karrayyuu ergaawwan loon faarsaan, goota faarsaan, miira dubartiin keessa isheetti dhagayame ibsachuun walqabate, bakka dheeda looniif tole faarsaan, hamtuu loonii qeeqaan, nama loon elmuuf haaraa ta'aniifi tiksee loonii gorsuuf oolan, gosti Sadoomiiwwanii weedduu aannan raasuu keessatti baay'inaan dhimma ba'aman: Akkasaa, anyarsee, bakka buusa/Irdiba, nameessa, ukukkubeefi saaduu akka ta'e, weedduun aannan raasuu galgalaafi ganama lafa aduun yookaan hoo'i hinjirre mana keessaafi qarmammee (hulaa dura)'tti akka weeddifamu, hirmaattonni weedduu aannan raasuu haawwaniifi shamarran akka ta'e, weedduun aannan raasuu Oromoo Karrayyuuf faayidaawwan

akka: Yommuu Aannan raasan dadhabbina tokko malee akka raasanii baasaniif, loon faarsuuf, goota faarsuuf, gorsa ittiin walii dabarsuuf, bakka dheedumsa horiif mijataa ta'e faarsuufi miira keessa namaatti dhagayame ibsachuuf oolan akka qabuufi sababoonni weedduu aannan raasuu laaffisaa dhufan immoo, babal'achaa dhufuu amantaalee alagaa, qaroominaafi ammayyummaa hordofuu, geeddaramaa dhufuu haala jiruufi jireenyaa, diinagdee, dhiibbaa saayinsiifi teeknolojii akka ta'an ibsaniiru.

### **3.6.Mala Qaaccessa Odeeffannoo**

Dastaa (2013:141) yoo ibsu, "Odeeffannoo ibsuun yaada odeef-kennitootarraa gaafannaadhaan, daawwannaan, argame haala qabatama rakkina mul'ateetiin walitti fidanii dhiheessudha" jedha. Qorannichi mala qaaccessa ragaalee akkamtaa kan fayyadamu yommuu ta'u, kunis odeeffannoo akkamtaa gaaffiiwwan maaliif? akkamitti? jedhuuf deebii laachuuf kan carraaquufi dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan hunda jechaan kan ibsuudha.

Yaada kana David E.G (2004:346) yoo ibsu, "The main focus of qualitative research is to understand the ways in which people act and the accounts that people give for these actions." Yaada hayyuu kanaa irraa akkuma hubatamu, xiyyeeffannoo guddaan mala akkamtaa akkaataa uummanni waan tokko gochaan agarsiisu hubachuufi itti gaafatamummaa hawaasichi gochoota raawwataman kanneeniif qaban xiinxaluuf akka ta'e agarsiisa. Sababiin qoratichi mala akkamtaa filateefis dhimmoonni qorannicha keessatti ka'u kan hawaasni sirnaan raawwatu waan ta'eef, kallattiidhaan hawaasa keessa seenuun (hirmaachuun) odeeffannoo barbaachisu walitti qabuun qaaccessuufi.

Qorannichi odeeffannoo daawwannaafi af-gaaffii argame tartiiba isaanii eegachuun tarreeffamanii qaaceffamu. Kana malees, Addunyaan (2011:62-63) yoo ibsu, "qaaccessa ragaa yoo ibsu malli ibsaa dhimma qoratamu sana ilaalchisee maaltu akka ta'eefi maaltu akka ta'aa jiru addaan baasuudhaan jijjiiramoota akkuma isaan yoomessa uumamaa keessatti argamanitti kan ibsudha" jedha.

## **BOQONNAA AFUR: RAGAA QAACCESSUUFU HIIKUU**

Boqonnaa kana jalatti raawwannaa qarannichaa mala qorannoo garagaraa fayyadamuun funaannamanitu qaaccaffamuun hiikkame. Kunis ragaawwan argaman mata duree adda addaatti qoqqooduun erga tartiiba qabatani booda qorattichaan qaacca'uun hiikni itti laatame. Xiyyeeffannoon waraqaa kanaas “Qaaccessa Ergaa weedduu Aannan Raasuu Oromoo Karrayyuu Aanaa Fantaallee” kan jedhuudha. Wantoonni achi keessatti hammataman dhimmoota weedduu aannan raasuu keessatti ka'an, ergaawwan weedduu aannan raasuu keessatti darban, Sadoomiiwwan weedduu aannan raasuu keessatti dhimma ba'aman, yoomessa weedduun aannan raasuu keessatti gaggeeffamu, hirmaattota weedduu aannan raasuu, faayidaa weedduun aannan raasuu Oromoo Karrayyuuf qabuufi sababoota weedduu aannan raasuu laaffisaa dhufan xiinxaluudha.

### **4.1. Haala Ibsa Naannoo Qorannichaa**

Qorannoon kun kan adeemsifame Naannoo Oromiyaa, Godina Shawaa Bahaa, Aanaa Fantaallee irrattidha. Aanaan Fantaallee akka manguddoonni tokko tokko jedhanitti moggaasa maqaa nama tokkootiin beekkama. Odeeffannoon moggaasa maqaa Aanaa kanaa Biiroo Aadaafi Turiizimii Aanaa kanaa keessatti olkaa'amee jiraachuu baatus akka ragaan manguddoo ganna dhibbaafi lamaa(102) Aanaa kana keessa jiraatan jedhanitti:

*Bara durii namicha beekkamaafi ayyaantuu ta'e tokkotu Gaara Fantaallee irra gala ture. Namichis nama Waaqa kadhatee irraa hindhabnedha. Kanumaan walqabatee, hawaasni aanichaa namichi kun faana toleessaafi nama milkiiti jedhanii, itti amananii fudhatanii 'Faan-toleessa' jedhanii waamaa turan. Bakki namichi kun galu yeroo ammaa fiixee Gaara Fantaallee irra jira. Manni isaas 'Tulluu Jimaa' jedhamee hamma yoonaa waamama. Hawaasnis maqaa isaa 'Faan-toleessa' jedhu kanarraa ka'uudhaan du'a isaatiin booda 'Fantaallee' jechuudhaan maqaa aanichaa kana moggaasaniif jedhama (Hawaas Bulgaa 6/11/2012, Dirre-sadeen).*

Kanumaan wal-qabatee, hawaasni naannoo kanaa afoola jedhan qabu:

*“Yoo itti deeman fagoo*

*Yoo achi laalan kaluu*

*Fantaalle gaara guddaa*  
*Bakka nuurri galu” jedhu.*  
*(Boruu Jiloo 7/11/2012, Golaa)*

Aanaan Fantaallee Aanota Godina Shawaa Bahaa kudha lamaan(12) jiran keessaa isa tokkodha. Aanaan kun gandoota baadiyaa kudha saddeet(18),kaampiiwwan warshaa sagal (9)fi gandoota magaalaa lama(2) walumaagalatti, gandoota digdamii sagal (29) kan qabdudha (Wajjira istaatiksii Aanichaa 24/10/2012, Matahaaraa).

Argamni aanaa kanaa magaalaa guddittii Finfinnee irraa kiilomeetira dhibba lama (200) kan fagaattuufi magaalaa guddittii Godinichaa kan taate, Adaamaa irraa kiilomeetira dhibba tokko (100) gara Bahaatti fagaattee kan argamtudha. Aanaan Fantaallee naannolee lama(2), godina lamaa(2) fi aanaa tokkoon kan daangeffamtedha.

- Kaabaan, Mootummaa Naannoo Amaaraan
- Kaaba Bahaan, Mootummaa Naannoo Affaariin
- Lixaan, Aanaa Boosatiin
- Bahaan, Godina Harargee Lixaatiin ,
- Kibbaan, Godina Arsiitiin daangoftee kan argamtudha (Wajjira Istaatiksii Aanichaa 24/10/2012, Matahaaraa).

Haaluma walfakkaatuun, Aanaan kun bali’na lafa hektaara 133,963.66 taatu kan qabdu yoo taatu, kana keessaa lafti qonnaaf oolu hektaara 19611.25 dha. Lafti bosonaan uwwifame hektaara 3998 fi lafti caffee, bishaan, dhagaa, magaalaa fi kan biroo hektaara 109897 kan taatudha (Wajjira Qonnaa Aanichaa 2/03/2012, Matahaaraa).

Bu’uura lakkoofsa manaafi ummataa biyyaalessaa kan bara (2007 A.L.A.) adeemsifameen baay’nni ummata Aanichaa bara (2006)tti 76,367 kan tahuudha. Reeshiyoon dhiiraafi dubaraa 1.1yoo ta’u, baay’inni ummataa kunis waggaatti %2.9’n dabalaa adeema. (Wajjira Istaatiksii Aanichaa 24/10/2012, Matahaaraa)


Kana malees, Aanaan Fantaallee hawaasa sabaafi sab-lammoota garagaraa kan ta’aniifi Amantaa garaagaraa hordofan hedduu of keessaa kan qabdudha. Amantaan hawaasa naannoo kanaatis kiristaana, Islaamaafi Waaqeffannaadha. Sabaafi sab-lammoonni Aanaa kana keessa jiraatan

immoo Hadiyyaa, Kambaataa, Siltee, Walaayittaa, Amaara, Somaalee, Guraageefi kanneen hafan immoo, dhalattoota naannoo sanaa kan ta’an gosa Oromoo Ituufi Karrayyuuti (Waajjira AadaafiTurizimii Aanichaa 5/4/2012, Matahaaraa)

Dabalataanis, Aanaan Fantaallee qabeenya uumamaa kanneen akka simbirrootaa, bineensota bosonaa, paarkii biyyaalessa Awaash, hara, tulluufi kan kana fakkaatan qabdi. (Waajjira Eegumsa Bosonaafi Qabeenya Uumamaa Aanichaa 7/4/2012, Matahaaraa).

Aanaan Fantaallee ummata haala hawaasummaafi duudhaa mataa ofiitiin bulu qabdi. Haalli hawaasummaa isaan qaban kunis siyaasa, diinagdee, amantaa, aadaa fuudhaafi heerumaa, aadaa araaraa, aadaa wal-gargaarsaafi kan kana fakkaatan kan qabdudha (Waajjira Aadaafi Turiziimii Aanichaa 5/4/2012, Matahaaraa)

Haalli teessuma Aanaa Fantaallee lafa dakee diriiraafi ‘Rift Valley’ keessatti kan argamtudha. Kana malees, haalli qilleensa Aanaa kanaa guutumaan guututti hoo’aafi gammoojjii yoo ta’u, giddu galeessaan haala teempirecharaa 36°c-40°c kan qabdudha. Waggaatti rooba waqtii tokko qofa bal’inaan argatti (Waajjira Eegumsa Bosonaafi Qabeenya Uumamaa Aanichaa 12/5/2012, Matahaaraa).



## 4.2.Mala jireenya Uummata Oromoo Karrayyuu

Manguddoon Karrayyuu waa'ee uummata Karrayyuu yoo ibsan akkas jedhu:

*Uummanni Karrayyuu uummata Oromoo sulula laga Hawaas keessa jiraatudha. Uummanni Karrayyuu uummata Oromoo jaalala addaa dhala namaatiif qabaniidha. Yoo tuqan malee nama hintuqan. Yoo tuqan garuu, waliif birmachuun aadaa isaanii kan ta'e gosaafi qomoon dhufanii diina dhukkee irraa kaasuu. Kanaafuu, sabaafi sablammoonni naannawa daangaa isaa jiraatu uummata jaalalaan bulaniifi tuqan nama hindhiisne ta'uusaanii sirriitti waan beekaniif kabajanii waliin jiraatu(Boruu Haammadoo, 7/5/2012 Gaara Diimaa)*

Yaada manguddoo kanaa, Oromoon Karrayyuu uummata nagaafi jaalalaan sabaafi sablamoota adda addaa waliin jiraatuufi dhimmoota adda addaa irratti waltumsuun aadaa isaanii akka ta'e hubanna. Kana malees, tooftaa lolaa cimaa waan qabaniif sabaafi sablamoonni isaan kabajanii waliin akka jiraachaa jiran nu hubachiisa.

Uummanni Oromoo Karrayyuu aadaa boonsaafi hawwataa ta'e hedduu qaba. Aadaa isaa keessaa tokko aadaa nama karaa maqe karaatti deebisuuti. Karrayyuun aadaa isaa keessatti intala karaa maqxe yookaan dabde yookaan ilma karaa maqe yookaan dabe haala inni karaatti deebisuun qaba.

Yaada kana manguddoon Roobaa Waaqoo (2012) yoo ibsu:

*Uummanni Karrayyuu nama karaa maqe kana adabuufis ta'ee gorsuuf gosaan wal dubbisee irratti mari'atee adabbii barbaachisaa ta'e itti mura. Gosti qeequuf, gorsuuf, adabuuf, gabaabumatti sirreessuuf gamtoomee hojjeta. Adeemsi kunis adeemsa yakka baasuu jedhama. Walumaagalatti toltuufi hamtuunis dhufu gosatu dura qaqqaba; wanti marti gosaan raawwata (Roobaa Waaqoo, 8/3/2012, Dirre-sadeen).*

Yaanni manguddoo kanarraa kan hubannu, Oromoon karrayyuu waan dabeeffii karaa maqe gosaan qajeelcha; ilaafi ilaameen dubbii xumura. Dhimmoota baay'ee irratti waltumsuun aadaa isaanii akka ta'e nu hubachiisa.

### 4.2.1.Yakka baasuu

Oromoon hamtuufi dabduu karra isaa seente akkaataa itti baasuufi qoratu qaba. Waan ofii akka hamtuufi yakkaatti ilaalu karaa ittiin of irraa ittisuufi yoo isa mudates ittiin furatu qaba.

*Karrayyuu biratti yakka jechuun waan Karrayyuun safeeffatu, safeeffachuu dhiisuu yookaan waan Karrayyuun jibbu dalaguu jechuudha. Kun Karrayyuu biratti haraamuu hojjete jedhama. Akka addunyaan tun nama yakka hojjete mana hidhaatti yookaan gaashireetti guurtu Karrayyuu biratti manni hidhaa isaa gosadha. Yakki kunis obboleettii, obboleessa, fira, soddaa, haadha, nuuchaa (haadha manaa obboleessaa) waliin sagaagaluu, haadhaafi abbaa arrabsuufi reebuu, hatuu, sobuu, jette jetteen nama walitti buusuu fa'a. Namni gocha kana raawwatee argame karaa*

*maqe yookaan dabe jedhama. Namni aantee isaa waliin sagaagale karaa maqe jedhama. Hawaasa karrayyuu biratti yakka guddaadha. Yakka lubbuu baasuutiin gadi miti. Nama haraamuu hojjete jedhamee hawaasaan jibbama; tuffatama. Nama kana adeemsa yakka baasuu jedhamuun karaatti deebisu. Isaan waliin sagaagalan kanas lamaan isaaniyyuu uffata irraa baasanii bakka namoonni halaalaa arguu danda'an mana gubbaa irra olbaasuun hawaasaatti isaan agarsiisu. Haraamuu ittiin jedhus. Gosti isaanii walitti qabamanii isaan adabu. Kun yoo jarri lamaanuu walfedhanii waliin sagaagalaniidha. Yoo fedhii intalaa malee ta'e hamma isheen dhiifama godhee jiraaf jettutti ni reebuuf. Lamaan isaanii walii galanii waliin sagaagallaan garuu qullaa isaanii mana gubbaarra olbaasanii namoota naannoo hunda xiqqaa guddaan, dhiiraa dhalaan utuu hinhafin waamanii daawwachiisu (Borii Jiloo, Hawaas Bulgaafi Roobaa Waaqoo 9/3/2012 Dirre-sadeen).*

Hawaasa Karrayyuu biratti namni yakka raawwate haala adda addaatiin adabama. Adabbiin isaa kun loon jalaa qalachuufi reebuu/rukutuu/ yookaan lamaan isaa ta'uu danda'a. Rukutamuufi loon jalaa qalachuuf yakkamaa sana yakka isaa jaarsi gosa biraa gadi fageenyaan ilaalee badii inni raawwateef murtii itti dabarsa. Maalaa dirraan yakka jedhaan jaarsi yakka isaa ilaalaa ture. Maalaan yakka jedhuun horii irraa qaladhaa jechuudha. Dirraan yakka jechuun reebaa/ rukutaa/ sirreeffadhaa jechuudha.

Jaarsi gosa ormaa (jaarsi badii isaa ilaalaa ture) ilmi keessan balleessee jira; ija hinbaksin, ilkaan hincabsinaa, mataa hinrukutinaa, lafee hincabsinaa dirri keessanii adabadhaa jedhaan. Warraa gosaa keessaa jajjabii (dargaggeeyyii gosaa jechuudha) kanneen jedhaman ulee qaqaal'oo yakkamaa ittiin rukutan muranii fidu. Uleen sirna rukuttaa kanaaf filatamaa ta'e ulee harooressaati. Nama baay'ee yakke immoo "Aboo kun nu ajeesseera" jedhanii ulee ajootiin rukutu. Nama kana akka inni fiigee jalaa hinbanne jajjabiin yookaan dargaggeessi akka qabanii fidan godhamu. Yoo isaan jalaa bade yookaan fiduu baatan yakkiti isaanumatti deebiti. Jajjabiin kana yoo hinraawwatin hafan maallaqaafi reebichaan adabamu. Erga isaan adabamanii booda yakkamtichi yoo argame yakkiti isaa itti dabalama. Kanaafuu, jajjabiin itti gaafatamtoota. Jajjabiin tun lakkoofsaan lamaafi sanaa ol hamma nama kudhaaniitti deemuu danda'a.

Yeroon sirni reebichaa kun itti raawwatu ganama sa'aatii 12:00-1:00'ttidha. Yeroon kunis kan filatameef utuu inni nyaatee garaa hinqabaatiin reebuuf, ganama qaamni namaa waan hinhiikkanneef yoo nama reebaan waan nama dhukkubuuf, loon jalaa qalatan sunis akka jalaa hinbobbaaneef filatama. Hojiin jajjabii yakkamaa eeguu, miseensa gosaa sana irraa midhaan nyaatamu guuruun gosa hojii yakkamaa adabuu irratti bobba'e nyaachisuu, labsii gaggeessuu, horii qaluu, yakkamichi erga tumamee booda dhadhaa dibuu fa'a.

Dhiirri fuudhe karra maatii isaa duratti malee bakkuma argetti hintumamu. Dargaggeessi hinfuudhiin garuu bakkuma qabametti reebama. Yakkamaan wabii waammachuu danda'a. Namni inni waammatu kunis damiina (bulchaa gosaa)dha. Damiinni kun damiina olaanaa utuu hintaane damiina xiqqaa yookaan damiina mana manaan bulchu waammata. Kana jechuun nama obboleessa yookaan nama dhiigaan baay'ee isatti siqu utuu hintaane nama firummaan isaanii xiqqoo achi siqu waammata jechuudha.

Namni kana dura gadoo irraa qabu rukutuu hindanda'u-innis ebelu na hinreebin jechuu danda'a. Hundinuu geengoo uumanii al tokko reebu. Harka olfuudhanii reebuun hindanda'amu. Kun taanan namichi kunis ni adabama. Altokko waan reebaniif namni gocha kana keessa jiru yoo callisee dhaabbate ni adabama. Sirriitti yoo reebe "Maal bofa seetee?" jedhuun. Yoo dhaabbatee ilaale immoo "Maal nuti kan reebnu sirreessuuf malee diina isaa nu seetee?" jedhuun. Namni reebamaa jiru sun (yakkamtichi) yoo jaarsa gosa biraatti watwaate jaarsi gosa biraa uffata irra buusa. Sana booda reebuun hindanda'amu. Namni uffata jaarsa gosa biraa jalatti rukute jaarsa gosa ormaa reebde jedhamee adabama.

Yakki nama kanaa horii jalaa qalachiisa yoo ta'e immoo loon isaa keessaa loon mararaa yookaan kan inni baay'ee jaalatu jalaa qalatu. Tokkollee yoo ta'e jalaa qalatu. Kunis waan jaalatu sana waan yaadatuuf badichas akka irra hindeebine taasisa. Jaarsi gosa ormaa "Maalli kan keessanii dirra naaf dhiisaa" jedhee gosa yakkamtichaa sana akka isa hinrukunneef kadhachuufii danda'a. Yeroo isaan tole jedhaniif reebamuun isaa sun hafee sirni horii qofa jalaa qalachuu gaggeeffama jechuudha. Yoo yakki isaa guddaa ta'eefi gosti "Rukunnu malee dhiifama taasisuufii hindandeenyu; maalas dirras isiniif hindhiisnu nama kana ni adabna. Si garuu jagnaanis ta'ee si araarsina" jedhan sirni rukuttaafi horii jalaa qalachuu ni adeemsifama. 'Jagnaani si araarsina' jechuun intala siif kenninaa nama kana maalaanis dirraanis ni adabna jechuudha.

Jaarsi gosa ormaa kun intala kana ilma isaatti yookaan gosa isaa keessaa nama tokkotti heerumsiiisuu danda'a. Intalli jaarsa gosa biraatiif kennamtu tun intala gosa yakkamtichaati. Jaarsi gosa ormaa kun dubra isaan kennaniif tana dhiisuus danda'a. Namni sun sangaa tokkollee yoo qabaate jalaa qalataniitu eebbisanii biraa galu. "Daagaa fannaafadi" jedhanii mooraa loonii sana diigani bal'isuuf. Kunis mooraankee siif haa guutu jedhanii duwaayii godhuudhaf. Daagaa fannaafadi jechuun moofaa kana bal'isi yookaan hiyyummaa irraa gara durummaatti isa fidi

jechuudha. Kan dur tokko ture baay’isiif jechuudha. Nama kana kan reebu gosa isaati. Gosa keessaa jaarsi dadhabaafi damiinni (bulchaan gosaa)fi shamarran hinreeban.

#### **4.2.2. Aadaa Fuudhaafi Heerumaa**

Akkaataa hawaasni Oromoo ittiin jiraatu, walitti dhufuufi gaddaafi gammachuu ittiin geggeeffatu keessatti aadaan fuudhaaf heerumaa isa angafaafi guddaadha. Oromoo Karrayyuu birattis aadaan fuudhaafi heerumaa baayyee beekkamaa fi jaalatamaadha. Aadaan fuudhaafi heerumaa kun Oromoo Karrayyuu biratti bifa armaan gadiin geggeeffama. Isaanis:

##### **4.2.2.1.Kaadhimataniif Fuudhuu**

Gosti fuudhaaf heerumaa kanaan abbaan gurbaa jaarsolee oollaafi firaa isaa wajjiin saddeeta deemun seeran kadhatanii mucaa isaanii fuusisu. Saddeeta jechuun kan warri mucaa suphiin ka’anii gara warra intalaa kadhaaf deemaniidha. Karaa biraatiin fuudhaafi heerumni kan hawaasa biratti dhiirriifi durbi seera hawaasaa eeguun seeraan duudhaa guuttachuun dhaloota dhufu ijaaraniidha.

“Nakata is one of the formal types of marriage among the society under question, in which a young boy and a girl come into union with full consent of their parents as well as with the consultant of immediate kinsmen in the process of negotiation.” (Berhane 1982:13).

Akka yaada hayyuu kanaatti kaadhimachuun gosoota fuudhaaf heeruma naannoo kanaatti argaman keessaa kan fedhii ijoollee walfuudhaniifi maatii isaanii irratti hundaa’eefi bifa seera qabeessa ta’een hawaasni duudhaafi safuu hawaasaa eeguun maati isaanii gaggeeffamaa jiruudha.

##### **4.2.2.2.Hawwii/Jaalalaan Sosobanii Fuudhuu**

Aadaan fuudhaafi heerumaa kun Oromoo Karrayyuu biratti yeroo as dhiyoo mul’achaa jira. Erga ijoolleen Oromoo Karrayyuu barnoota hammayyaa kana baratanii as wal hawwachuun bultii ijaaruu jalqaban.

*Aadaan fuudhaafi heerumaa hawwii jedhamu kun fedhii gurbaa fi intalaa irratti hundaa’a. Erga ijoolleen lamaan wal jaallatanii booda osoo nama kamittuu hin himin walfuudhatanii iddoo biraatti godaanu. Aadaan fuufhaa fi heerumaa kun yeroo as dhiyoo keessa kan eegalame malee kan dura ture miti (Kamisaa Wadaay fi Haawaa Waaqoo 12/7/2012 Dheebittii)*

### **4.3.Sirnoota Duudhaa Hariiroo Hawaasummaa Cimsan**

#### **4.3.1. Gumaa Baasuu**

Aadaa uumaata Oromoo keessatti gumaa baasuun baay'ee beekkamaafi rakkoo hawaasa gidduutti uumamee ittiin furuuf kan itti dhimma bahaniidha.

Roobaa Waaqoo (2012) 'Oromoo Karrayyuu namni tokko lubbuu namaa baasee hawaasa keessa callisee taa'uu hin danda'u. Itti dabalees, gama seeraatiinillee yoo yakka isaa xumuratee bahe gatii lubbuu namicha du'e sanaa olqabuun isaa dirqama'.

Yaadni waraabii armaan olii kun kan hubachiisu, Oromoo Karrayyuu biratti sirni gumaa baasuu bakka olaanaa akka qabuufi walittii bu'iinsa hawaasa gidduu jiru hambisuufi waldhabdee jiru karaa nagaan furuu keessatti gahee olaanaa akka qabudha.

#### **4.3.2. Guddifachaa**

Sirni kun yeroo amma hawaasa Oromoo hunda bira jiraachuu baatus uummatni Oromoo Karrayyuu sirriitti dhimma kan itti bahaa kan turaniifi ammas itti fayyadamaa kan jiraniidha. Akkuma qabaachuun jiru dhabuun waan jiruuf hawaasnii waan dhabe tokkoof immoo furmaataa barbaada.

Mohaammad alii (2012) "Namni tokko yoo ilmoo dhabe inni qabu immoo bifa guddifachaan ilmoo isaa kan qabu keessaa kan inni jaalatee filate sana akka ilmoo isaatti seera guutee fudhatee guddifata'.

### **4.4.Qaaccessa Ergaa Weedduu Aannan Raasuu**

Weedduun Aannan Raasuu Aadaa duudhaa ummanni Oromoo qabu keessaa isa tokkodha. Weedduun kun gosoota weedduu jiran keessaa isa tokkoodha. Akkasumas,akkuma gosoorni weedduu isaan biroo ergaa mataa isaanii qaban ergaa mataa isaa kan qabudha Haaluma kanaan, odeeffannoo qorannichaa irratti hundaa'uun hawaasa Oromoo Karrayyuu kan ta'an Godina Shawaa Bahaa Aanaa Fantaallee keessatti weedduun kun dhimmoota adda addaa kan irratti weeddifamu irratti hundaa'ee ergaa garaagaraa kan of keessaa qabudha. Ergaan weedduu kun itti qoqqoodamus armaan gaditti mata-duree guddaafi xiqqaan waljalatti hammatamanii dhiyaataniiru.

#### **4.4.1. Weedduu Loon Faarsan**

Hawaasni Oromoo Karrayyuu jaalala looniif kan qabuufi bakka guddaas loonif kan kennuudha. Sababiin isaas, loon akka qabeenya guddaafi yeroo rakkoodhaa akka isaan furutti waan fudhataniifidha. Kanarraa ka'uudhanis, hawaasni Oromoo Karrayyuu faayidaa loon qaban ilaalchisee bu'aa loon qabaniinis walqabsiisuudhaan yommuu aannan raasan weedduu aannan raasuu weeddisanii loon ittiin faarfatu. Bu'uuruma kanaan, Oromoon Karrayyuu yommuu, Aannan raafatu jechoota addaa addaa qindeessanii weeddisuun loon faarfatu. Weedduwwan yommuu Aannan raasan weeddifaman kunneenis haala armaan gadiitiin qoqqoodamanii argamu.

##### **4.4.1.1. Weedduu Bu'aa Loonii Agarsiisu**

Weeduun kun dubartoonni yommuu, aannan raasan bu'aa loon qaban ibsuu yoo barbaadan haala armaan gadii kanaan weeddisanii loon faarsu.

*A) Yaa saayyituu*

*Malaan wayaa tiyya*

*Malaan wayaa*

*Ni sobanii maaltu saayyaa gayaa*

*Dibataniis, yoo dhuganis*

*Qaamni ni dhanga'aa*

*(Kamisaa Wadaay, 4/3/2012 Dheebittii)*

Akka weedduu armaan olii kanarraa hubanuutti 'Maalan wayaa' jechuun qaama loonii ta'ee morma jalatti kan argamu maala bal'aa jechuu akka ta'ee fi 'ni sobanii maaltu saayya (loon) gayaa jechuun immoo loon kallattii kamiinuu wanta hunda akka caalaniifi bu'aa guddaa akka qaban kan agarsiisuudha. Kana malees, namoonni adda addaa loon akka bu'aa hinqabneetti kan ilaalan sunniin akka sobaniifi loon wanta hundaa akka caalu kan ibsuudha. Dabalataanis, bu'aa loonii kan ta'e dhadhaa yoo dibataniifi aannan isnnii yoo dhugan qaamni namaa ni dhanga'a (bareeda/ ifa) jechuudha. Kanas agarsiisuuf, 'Dibataniis, yoo dhuganis, qaamni ni dhanga'aa' jechuun lafa kaa'u. kana irraa kan hubatamu, faayidaan loonii gurguraniis gara qarshiitti jijjiiruun wantoota adda addaa ittiin guuttachuun alatti, yoo aannan isaanii dhuganiifi dhadhaa isaanii dibatan qaama namaatifillee bu'aa olaanaa akka qabu agarsiisa. Kunis qaama namaa bareechee dhangaasisa; beela nama baasee fayyuummaa mirkaneessa jechuudha.



***Suuraa1: Weedduu aannan raasuu bu'aa aannanii faarsu agarsiisu  
(Haawaa Waaqoo, 5/3/2012 Dheebittii)***

*B) Yaa saayyituu*

*Saayyoo garoo isiniin boonanii*

*Maal ta'anii tikakee oolanii*

*(Kamisaa Wadaay, 4/3/2012 Dheebittii)*

Ergaan weedduu kanaa inni guddaan namoonni akka bu'aa loonirraa argataniin boonaniifi sababa bu'aa irraa argataniifis isaan tiksuufi kunuunsuuf wanti duubatti nama jechisiisu akka hinjirre, bakka tikaatti bu'aa loonii kan ta'e aannan waan dhuganiif beellillee akka nama hinmiine kan ibsaniidha. Kanas, 'Maal ta'anii tikakee oolanii' jechuun bu'aa sirraa argataniin beela kan ba'an waan ta'aniif kunuunsaafi si tiksuuf boodatti namni hinjedhu jechuu kan agarsiisuudha.

*C) Yaa saayyituu*

*Abbaan gandaa gaariin ciicoo hiree*

*Mootin Reeddee gaariin ciicoo hiree*

*Nugufnilleen siin ijaare siree*

*(Haawaa Waaqoo, 5/3/2012 Dheebittii)*

Akka weedduu armaan olii kanarraa hubannutti, dubartiin takka abbaa manaafi gosa abbaa mana ishee tuquudhaan, 'Abbaan gandaa gaariin ciicoo hiree, Mootiin Reeddee (Gosa Oromoo Ituuti) gaariin ciicoo hiree' jechuun abbaan warraa sun gaaromee yommuu keessummaan itti dhuftu

aannan ciicoo(meeshaa Aannan itti elman) guutu malee namatti kennuu dhabuun isaa sunuu bu'aa loonii akka ta'eefi 'Nugufnilleen (Mootii) siin ijaare siree' jechuun ammo, namni mootii ta'elleen bu'aa loon irraa argameen siree hojjechiifate ibsa. kun immoo, loon yookaan bu'aa loon irraa argamu gurguruun wanta barbaadan kan biroo ittiin bitachuu akka nama dandeessisu agarsiisa. Bu'aan loon irraa argamu nama dhuunfaa kam irraa jalqabee hanga aanga'ootatti kan fayyadu ta'usaa mul'isa.

*D) Yaa saayyituu*

*Yaa kuulanii tiyya yaa kuulanii*

*Haala fardaa kunna siin duulanii*

*(Haawaa Waaqoo, 5/3/2012 Dheebittii)*

Akka weedduu armaan olii kanarraa hubannutti, ergaan weedduu kanaa loon akka fardaatti bu'aa isaanirraa argamuun lafa lolaatti akka duulan kan agarsiisuudha. Kanas, 'Yaa kuulanii (bareeda) tiyya yaa kuulanii, haala fardaa kunna (lafaa lolaa) siin duulanii'' jechuun loon gurgurani bu'aa isaanirraa argamuun wanta lafa lolatti nama fayyadu rasaasaafi qawwee ittiin bitatanii akka fardaatti kan duulaniin ta'uu agarsiisa. Loon gurgurani meeshaa waraanaa adda addaa ittiin bitachuun diina isaanii loluuf akka qabeenya olaanaa tokkotti akka itti fayyadaman agarsiisa.

*E) Yaa saayyituu*

*Yaa itittuu itittuu buchumaa*

*Waaree galee qe'eerraa guungumaa*

*Waareen isaa hootuufi bakkalchaa*

*Buudaan isaa akka hundee dhaddachaa*

*(Haawaa Waaqoo,5/3/2012 Dheebittii)*

Ergaan weedduu armaan olii kan ibsu loon qaamni isaa hundi bu'aa akka qaban wanti biraa haa hafuutii gaanfi isaanilleen bu'aa akka qabu kan ibsuudha. Kanas, 'Buudaan (Gaanfi) isaa akka hundee dhaddachaa (muka qoree qabu kan lafa gammoojjiitti baay'inaan beekamu) jechuun kan ibsiteedha. Kana malees, 'Yaa itittuu itittuu buchumaa (meeshaa aannan itti elman), waaree (yeroo loon itti elman) galee qe'eerraa guungumaa' jechuun loon irraa aannan itittuu akka argamuufi yeroo loon itti elmaman ibsuufis, 'waareen isaa hootuu (galgala)fi bakkalcha (ganama)' jechuun akka galgalaafi ganama malee wayitiin loon itti elmaman kan biraa akka hinjirre kan ibsudha.



*Suuraa 2 weedduu aannan raasuu bu'aa loonii faarsu  
(Kamisaa Wadaay, 4/3/2012 Dheebittii)*

#### **4.4.1.2. Weedduu Kabajaafi Jaalala Loonii Agarsiisu**

Oromoon Karrayyuu kabajaafi jaalala addaa looniif qaba. Kabajaafi jaalala looniif qaban kanas weedduu aannan raasuutiin ibsu. Yemmuu kanas akka armaan gadii kana jechuun weeddisaa kabajaafi jaalala looniif qaban ibsatu.

##### *A) Yaa saayyitu*

*Yaa kukkutaati tiyya yaa kukkutaati*

*Haala fardaa yaa harkaan mummuxaa*

*(Kamisaa Wadaay, 4/3/2012 Dheebittii)*

Akka weedduu armaan olii kanarraa hubannutti loon jaalalaafi kabaja isaaniif qaban ibsachuuf akkanatti faarsu. “Yaa kukkutaati (gosa nyaataati) tiyya yaa kukkutaati” jechuun kabaja isaanii ibsuuf gosa nyaata aadaa kabajamaa ta’e ‘Kukkutaati’ jedhamuun wal-qixxeessanii kan faarsaniidha. Nyaanni addaa kun Oromoo Karrayyuu biratti dhangaa keessummaafi namoota beekamoo (Abbootii Gadaafi jila isaaniif) kennamudha. Dhangaa kabajaaf dhiyaatudha. Kanaafuu, loonis kabaja olaanaa qabaachuu isaanii ibsuuf nyaata aadaa kanaan walqixxeessanii ibsu. Kana malees, “Haala fardaa yaa harkaan mummuxaa (Bifa adda addaa lama kan ta’aniidha) jechuun immoo jaalala isaaniif qaban ibsachuuf akka fardaatti bifa adda addaa lama yookaan ‘Mummuxaa’ jedhamuun beekkaman akka qaban kan ibsuudha. Wanti haalluu adda addaa

walkeessa makaa ta'e qabu akkuma bareeduufi jaalatamu, loonis 'Mummuxaa' jechuun akka bareedaniifi jaalala guddaa isaaniif qaban ittiin ibsu.

*B) Yaa saayyituu*

*Eegee maree araddaa tullaayee*

*Hafuurrikee akka qun'ii urgaayee*

*Eegee maree araddaa naannayee*

*Hafuurrikee bookayaa maal dayee*

*(Kamisaa Wadaay, 4/3/2012 Dheebittii)*

Ergaan weedduu armaan olii inni guddaan jaalalafi kabaja looniif qaban kan ibsuudha. Kanas, "Hafuurrikee akka qun'ii(Muka urgooftuuti ) urgaayee" jechuun jaalala isaanii ibsuuf hafuurri isaanii akka muka urgooftuu sanatti kan urgaa'u ta'uu kan agarsiisuudha.

Dabalataanis, "Hafuurrikee bookayaa(Urgooftuu) maal dayee" jechuun immoo hafuurri loonii akka urgooftuutti urgaaya waan ta'eef mudaa homaatuu akkan qabne ibsuuf jaalala isaanii calaqqisiisa.

Urgooftuun namoota baay'ee biratti yemmuu jila adda addaa deeman foolii ofii tolfachuuf kan addunyaan kun itti fayyadamaniidha. Urgooftuun namoota biratti bakka guddaa qaba. akkuma kana Oromoo Karrayyuu birattis afuurri loonii akka urgooftutti kan tolu ta'uufi namni loon bira oole akka nama urgooftuu biifatee kan urgaa'u ta'uu ibsa. kunis, akkuma namoonni urgooftuu jaalatan hafuura loonii urgooftuu ol akka ta'etti ibsu jechuudha. Kanas, 'Hafuurrikee bookayaa maal dayee?' jechuun hafuurri loonii urgooftuu olitti bakka guddaa akka qabuufi jaalala addaa looniif kan qaban ta'uu ibsa.

*C) Yaa saayyituu*

*Yaa saayyituu tiyya saayyoo dasoo*

*Haadha malee ormin beekuu masoo*

*(Roobee Jiloo, 6/4/2012 Xuxxuxxii)*

Ergaan weedduu kanaa immoo, jaalala looniifi faaruu loonii kan beeku haadha loonii akka taatefi ormi immoo faaruufi masisa loonii kan hin beekne ta'uusaa agarsiisa. Kanas, "Yaa saayyituu tiyya saayyoo (loon) dasoo (gaarii) haadha malee ormi hinbeeku masoo (faaruu) jechuun haadha loonii san malee ormi yookaan alagaan loon faarsuu akka hinbeekne kan agarsiisuudha. Dabalataanis, ormi yaada hammeenya malee waan gaarii loon namaatiif akka hinqabne ibsa.

Loon ofii abbumti yoo jajate malee alagaan namaaf hinjaju; abbumti yoo kunuunfate malee ormi namaaf hinkunuunsu yaada jedhu of keessaa qaba.



*Suuraa 3 Weedduu aannan raasuu loon faarsu*

*(Roobee Jiloo, 6/4/2012 Xuxxuxxii)*

#### **4.4.1.3. Weedduu Bakka Dheeda Loonii faarsu**

Oromoon Karrayyuu loon isaa bakka dheedniifi bishaan jiru godaansisuun tikfata. Bakka tika looniif mijataa ta'e kanas weedduu aannan raasuu fayyadamuun ibsa. Weedduu aannan raasuu bakka yookaan iddoo akkasumas, araddaa dheeda loonitiif mijataa ta'e faarsuu akka armaan gadiitti dhiyaateera.

A) *Yaa saayyituu*

*Fantaalle duuba obaan naannotaa*

*Koottuu na fuudhi jedhee dhaammataa*

*An sin fuudhuu achittuu oolittaa*

*Fantoon asheetee citaa baalatii*

*Ol-qajeelaa akka filaa saalatii*

*(Bariitee Waaqoo, 10/6/2012 Haroo Qarsaa)*

Ergaan weedduu aannan raasuu armaan olii, bakka dheedaf mijataa hintaane irraa gara bakka dheedaf mijataa ta'utti loon godaansisuu akka barbaadaniin walqabata. Kanaaf, iddoo dheedaaf mijataa ta'e sana faarsuudhaan akka goodaansisuun barbaachisu weeddisaa kan agarsiifamudha.

Kanas, ‘Fantaalle duuba obaan (bakka horiin bishaan dhugu) naannotaa (qe’ee),koottaa na fuudhi jedhee dhaammataa’ jechuun gaara Fantaallee duuba bakki horiin bishaan dhugu fagoo osoo hinta’in qe’ee akka ta’e kan agarsiisuudha. Kanaaf, ‘An sin fuudhuu(hin godaansisuu) achittuu oolittaa, Fantoon asheete citaa baalaatii, ol-qajeelaa akka filaa saalatii (maqaa bineensaa)’ jechuun bakka dheeda loonitiif ta’u keessaa Fantaalle duubni horiin dhugaatii bishaanitiifi dheeda horiitiif fageenya osoo hindeemne citaa akka gaafa saalaatti ol-qajeelaa ta’e kan argatu ta’uusaa agarsiisas.

*B) Yaa saayyituu*

*Odoo aduun dirra hindhoofnen galchaa*

*Odoo aduun dirra hinlaallessine*

*Nu Bulgiyyoo dheenna jaatessinee*

*(Bariitee Waaqoo, 10/6/2012 Haroo Qarsaa)*

Akka weedduu armaan olii kanatti, ergaan weedduu kanaa bakka dheeda horiif mijataa ta’e garuu namaaf mijataa hinta’in maqaa horiitif obsaan kan jiraatan ta’uufi lafa horiif mijataa ta’e kan faarsuudha. Kanas, ‘Odoo aduun dirra hindhoofnen galchaa, odoo aduun dirran laallessinee’ jechuun osoo aduun itti baatee hingubne tikseetin aduu jalaa daddafee karaa gaaddisaa geessa jechuu akka ta’eefi ‘nu Bulgiyyoo (maqaa lafaati) dheenna (tiksuu) jaatessinee(obsinee)’ jechuun immoo lafti Bulgaa jedhamtu tan dheeda horiitif mijataa taate sun jireenya namaaf tan hintaane, mijataa ta’uu baattus loonif jecha obsaan akka jiraachaa jiran kan agarsiisuudha.



*Suuraa 5 weedduu aannan raasuu iddoo tika loonii faarsu agarsiisu.  
(Kadijja Fantaallee, 8/6/2012 Dhagaa Adii)*

**4.4.1.4. Weedduu Hamtuu Loonii Qeequ**

Akkuma dhalli namaa mortuufi hamtuu qabu, loonis hamtuu qabu. Nama waa'ee isaanii hamaa dubbatan, hawwaniifi abjootan qabu. Oromoon Karrayyuus weedduu aannan raasuu kana fayyadamuun ibsu. Weedduun kun nama ilaalcha gaarii looniif hinqabneefi hamtuu loonii odeessu qeequudhaafi amala nama sanaatis qeequu (ibsudhaan) kan walqabateedha.

*A) Yaa saayyituu*

*Waraqqisaa gabayaa dhaabanii*

*Jecha lukkeen jette maal aaranii*

*Jecha afaantu namaa deebisaa*

*Bulgiyyoo dheenna dirree dheebisaa*

*(Guyyee Roobaa, 15/6/2012 Haroo Huubaa)*

Ergaan weedduu armaan olii gabaabumatti olola lukkeen (hamtuun) looniin jettutti hinaaranii kan jedhuudha. Kanas, 'Waraqqisaa (cululuqaa) gabayaa dhaabanii, jecha lukkeen jette maal aaranii, jecha afaantu namaaf deebisaa, Bulgiyyo dheenna dirree dheebisaa (bakka bishaan irraa fagoo)' jechuun waraqqisaa (cululuqaa) gurguruuf magaalaa geessanii jecha namoonni hameenya horii sanaa nama loon sana bituuf deemutti odeessuf hawaasni akka gurra hinkennine agarsiisa. Walumaagalatti, ergaan isaa olola namoonni hameenya loonii odeessaniif hawaasni dhagahuu akkan qabneefi jecha isaan jedhanis gatii homaatittuu akka hinlakkooftne akkasumas, itti aaruus akka hinqabne kan agarsiisuudha.

*B) Yaa saayyituu*

*Yoo itti raasan ni baafti buqqeen*

*Yoo itti dhaadan ni naati lukkeen*

*(Guyyee Roobaa, 15/6/2012 Haroo Huubaa)*

Akka walaloo weedduu aannan raasuu armaan olii kanarraa hubannutti, ergaan weedduu kanaa amala namoota hameenya loonii odeessan sanaa kan calaqqisiisudha. Kanas, walaloo keessti 'yoo itti raasan ni baafti buqqeen, yoo itti dhaadan (jajan) ni naati (rifatti) lukkeen' jechuun akkuma yommuu aannan itti raasan buqqeen aannan sana dhadhaa baasuu dandeessu lukkeen yookiin basaastuun yommuu itti waa'ee gaarommina loonii sana dhaadan (jajan) ni naati (rifatti) jechuudha.

#### 4.4.2. Weedduu Goota Faarsu

Weedduun kun kan weeddifamu nama waan gaarii hojjateefi hojii inni ittiin beekkamu sana faarsuudhaaf kan weeddifamuudha. Sababbiin weeddifamuufis akka waan gaarii hojjate sanarratti jajjabaatee caalaatti akka argamuuf weeddisuudhaan faarsu. Weedduunis haala armaan gadii kanaan dhiyaateera.

##### A) *Yaa saayyituu*

*Buudaa qawwee tiyya (x2)*

*Jilbiiffatee dhaye goonni qawwee*

*(Roobee Jiloo, 6/4/2012 Xuxxuxxii)*

Ergaan weedduu kanaa tooftaa goonni itti loluufi gootummaa isarraa kan ka'e akkamitti yeroo lolaa sana qawwee akka dhahu kan agarsiisuudha. Kanas, 'buudaa (fiixee) qawwee tiyya buudaa qawwee, jilbiiffatee dhahe goonni qawwee' jechuun walaloo armaan olii kana keessatti lafa kaa'ameera. Kana jechuun immoo, goonni fiixee qawwee isaa sana sirriitti ilaallatee (ilaammatee) jilbiiffachuun tooftaadhaan kan lolu ta'uusaa kan agarsiisuudha.

##### B) *Yaa saayyituu*

*Baddaa olii ol-bahee miillilleen*

*Waree tantee dhagayee diinnilleen*

*(Roobee Jiloo, 6/4/2012 Xuxxuxxii)*

Weedduun armaan olii kun kan agarsiisu gurra gootaa, oduufi odeeffannoo haala gootummaa gooticha sanaa diinnilleen akka beeku kan agarsiisuudha. Kanas walaloo weedduu kanaa keessatti, 'Baddaa olii ol-bahee miillilleen' jechuun akkaataa gootummaa goota sanaa 'miillilleen' yookaan oduu (gurri) akka deemefi diinnilleen gootummaa isaa sana akka beeku weeddisuun kan agarsiisuudha. Weedduun aannan raasuu olii kun waa'een gootummaa goota sanaa bakka hedduu akka gahe yookaan bakka baay'eetti akka beekame ibsa. kunis, gootummaan isaa daangaa iddoo jireenya isaa bira darbee bakka biraattillee akka beekame agarsiisa.

##### C) *Yaa saayyituu*

*Calalaqaa gadi buusee qaraa*

*Saayyoo horaa loon jabbii camaraa*

*(Roobee Jiloo, 6/4/2012 Xuxxuxxii)*

Ergaan weedduu kanaa inni guddaan goonni gootummaa isarraa kan ka'e lafa lolaa loon bobbaasee akka tikse kan agarsiisuudha. Kanas walaloo weedduu kanaa keessatti, 'Calalaqaa

(maqaa lafaati) gadi buusee qaraa (sodaachisaa), saayyoo (loon) horaa loon jabbii camaraa (bifa adii) jechuun lafa kaa'ameera. Kana jechuun goonni gootummaa isarraa kan ka'e loon jabbiin isaanii bifaan akka malee camara(bifaan adaadii) ta'an kan fagoorraa diinni ilaalee argu lafa lolaa Calalaqaa jedhamu bobbaasuudhaan akka tikse kan agarsiisuudha. Kunis, bifni adiin halaalaa waan mul'atuuf, gootichi diinni halaalaa loon kana argee na lola jedhee osoo hinsodaatiin loon camaraa lala lolaa geessee tiksaa jiraachuusaa agarsiisa. Kun immoo, sodaa tokkollee akka hinqabne ibsa. Kanaafuu, weedduun aannan raasuu olii kun gootummaa nama tokkoo ibsuuf yookaan goota faarsuuf weeddifama jechuudha.



*Suuraa 4 weedduu aannan raasuu goota faarsu.  
(Guyyee Roobaafi Kamisaa Libaano, 8/9/2014 Haroo Huubaa).*

#### **4.4.3. Weedduu Dubartiin Miira Ishee Ittiin Ibsattu**

Weedduu kana jalatti dubartiin Oromoo Karrayyuu waan keessa isheetti dhagahameefi quuqama qabdu akkasumas, waan ishee mudateefi ergaa dabarfachuu barbaadde tokko weedduu aannan raasuutti dhimma bahuun karaa alkallattii ta'een kan dabarfattuudha. Haaluma kanaan weedduu

aannan raasuu kana keessatti dubartiin takka yaadaafi ilaalcha qabdu tokko yoo ibsattu haala ergaa weedduu armaan gadii kanaan kan dhiyaatudha.

#### **4.4.3.1. Weedduu Abbaa Manaa Ishee Gaaffii Gaafachuuf Weeddiftu**

*Yaa saayyituu*

*Abbaa gandaa sila maal taatanii*

*Mootii Reeddee sila maal taatanii*

*Maal taatanii loon Bulgee yaadanii*

*(Kamisaa Wadaay, 8/5/2012 Dheebittii)*

Ergaan weedduu kanaa dubartiin takka abbaa manaa isheetiin loon lafa Bulgee jedhamtu yaadanii jiruu; maal taatanii maalif hingodaansisne? jechuun gaafachaa akka jirtu kana agarsiisuudha. Kanas walaloo weedduu aannan raasuu olii keessatti, “Abbaa gandaa, mootii Reeddee (maqaa gosa Oromoo Ituu kan abbaa manaa isheeti) sila maal taatanii loon Bulgee yaadanii” jechuudhaan kan kaa’ame dubartiin sun abbaa manaa ishii sanaan loon lafa Bulgee jedhamtu yaadanii maalif hingodaansifne jechuun gaafachuusaa agarsiisa.

#### **4.4.3.2. Weedduu Dandeettii Abbaa Manaa Ishee Ibsuuf Weeddiftu**

*Yaa saayyituu*

*Abbaa gandaa isinii isinii*

*Gaarii bil’ii isinii isinii*

*Mukattillee gootanii misilii*

*Mukattillee dameessitanii*

*Boosoo goyduu ni wayyeessitanii*

*(Kadijjaa Fantaallee, 8/6/2012 Dhagaa Adii)*

Ergaan weedduu armaan olii kanaa dubartiin takka cimina yookaan dandeettii abbaa manaa ishee ibsuuf kan weeddiftuudha. Walaloo kana keessattis, ‘Abbaa gandaa isinii isinii, gaarii Bil’ii (gosa Oromoo Ituu Afran Qal’oo) isinii isinii’ jechuun kan faarfamuu qabu si’ii jechuudha. Sababni inni faarfamuu qabuufis, ‘mukattillee gootanii misilii (boca), mukattillee ni dammeessitanii’ jechuun dandeettii waa bocuu irraa kan ka’e mukattis boca godhuun gaagura dammaa hojjetee dammi akka itti dammaa’u taasisuu isaa weeddisuun akka ibsitu agarsiisa. Kana malees, ‘Boosoo goyduu (nama ogummaa tokkollee hinqabne) ni wayyeessitanii’ jechuun dubartii ogumma hinqabnellee ogummaa ofii qabdan sanaan akka waa beektu wayyeessitanii (fooyyessitanii) yookaan akka ogummaa horattu taasifatanii jechuu agarsiisa.

#### **4.4.3.3. Weedduu Abbaa Manaa Gorsuuf Weeddiftu**

*Yaa saayyituu*

*Abbaa gandaa situu saayyaan malee*

*Mootii Reeddee situu saayyaan malee*

*Uffadhu kaabbaa hiraasni dhayee*

*Kaabbaan hiraasaa algaa siin tayuu*

*Saayyaan baroonni waree siin tayuu*

*(Kadijjaa Fantaallee, 8/6/2012 Dhagaa Adii)*

Akka weedduu armaan olii kanarraa hubannutti ergaan weedduu kanaa dubartiin takka abbaa manaa gorsuuf kan weeddiftuudha. Kanas, ‘Abbaa gandaa siitu saayyaan (loon) malee, mootii Reeddee (gosa Oromoo Ituuti) situ saayyaan malee’ jechuun dubartiin takka abbaa manaa isheetiin loon tiksudhaan situ malee jechuu kan agarsiisuudha. Kana malees, “Uffadhu kaabbaa hiraasni (ogeessi) dhayee’ jechuun loon waan tiksituuf situ haqa irraa qabaa uffata olaanaa ogeessi dhaye bitadhuu uffadhuu ittiin booni jechuu akka ta’ee fi ‘Kaabbaan hiraasaa algaa (siree) siin ta’uu saayyaan baroonni (booni) waree (gurra) siin ta’uu’ jechuun uffanni olaanaa bitattee maqaa loonitiin ittin boontu sun sireefi gurra siif ta’uu hindanda’uu osoo waanuma looniin boontuu loon hindagatiniin loon sirritti kunuunsi jechuu agarsiisa.

#### **4.4.4. Weedduu Aannan Raasuu Gorsaan Walqabate**

Oromoon Karrayyuu weedduu aannan raasuu fayyadamuun gorsa adda addaa waliif dabarsu. Eenyutu akka gorfamu, akkamitti bifa weeddutiin akka dhiyaatus akka armaan gadiitin dhiyaateera.

##### **4.4.4.1. Weedduu Nama Loon Elmuuf Haaraa Ta’e Gorsu**

Namni loon elmu hundi muuxannoo walqixa ta’e hinqabu. Keessattuu, namni loon elmuuf haaraa ta’e baay’ee rakkata. Warri muuxannoo loon elmuu qaban immoo, akkaataa loon itti elman weedduu aannan raasuu kanaan itti himu. Kanas bifa armaan gadiitiin weeddisaa gorsu.

*Yaa saayyituu*

*Saayyoo jettee sossobdeen gaadituu*

*Hamtuun sihaa dhabdu yaa faayituu*

*(Haawaa Waaqoo, 5/3/2012 Dheebittii)*

Ergaan waliigalaa kan weedduu kanaa tooftaa loon itti elman nama loon elmuu hinbeekne gorsuufi qajeelchuudha. Kanas, walaloo weedduu aannan raasuu olii keessatti ‘Saayyoo jette

soosobdeen gaadituu (sakaaluu),hamtuun sihaa dhabdu yaa faayituu(faaya)’ jechuun yommuu loon elmuuf deeman loon elmaaf haaraa ta’an kanneen akka goromsa loonii kan reefu tokko dhalteefi loon buubu (kan elma didu) soosobanii hamtuun sin argin jedhaniinii tooftaadhaan namoonni loon elmuudhaaf haaraa ta’an kan gorsu ta’uusaa agarsiisa.

#### **4.4.4.2.Weedduu Nama Loon Tiksu Gorsu**

Tikseen loonii hundi bakka dheeda looniif mijataa ta’e geessitee hintiksitu. Looniin godaane yaa jedhaniif qofa loon fuutee godaanti. Loon tiksee biroo furdatanii yemmuu galan, kan tiksee biroo immoo huqqatanii galu. Kanaafuu, tikseen bakka dheeda looniif mijataa ta’e akka godaansisee tiksuumf weedduu aannan raasuu kana fayyadamuun itti himu. Kanas akka armaan gadii kanatti weeddisuun gorsu.

*Yaa saayyituu*

*Hogi asiini Bulgee daassisaa*

*Hogi asiini Arbee daassisaa*

*Eege fittaala warqee gaaddisaa*

*Eegi lubbuu rabbumaa daaddisaa*

*(Haloo Jiloo, 17/6/2012 Galchaa)*

Akka walaloo weedduu aannan raasuu armaan olii kanarraa hubannutti, ergaan isaa inni guddaan of-eeggannoo lubbuu kan agarsiisuudha. Kanas, ‘Hogi (yeroo barbaade) asiin Bulgeefi Arbee (isaan lachuu maqaa lagaati) daassisaa’ jechuun yeroo barbaade karaa barbaadeen lubbuu ofiif osoo bakka laatin loon laga Bulgaafi Arba jedhaman sana daassisee(ceesisee) bakka dheedan geessee tiksaa jirachuusaa, ‘Eege fittaala warqee gaaddisaa’ jechuun kunuunsa tikseen kunuunsiturraa kan ka’e baay’ee cooma kan qaban ibsuufi ‘Eegi lubbuu daaddisaa(Eegaa)’ jechuun lubbuu waaqatu Eegaa akka tasa hinbaane eeggadhu jechuudha. Akka waliigalaatti, ergaan weedduu armaan olii kun tikseen loonii yommuu loon laggeen barbaade ceesisuun tiksee loon isaa sun haalan cocoomaniif bu’aa isaa sana ilaalee akka lagni sun tasa fuudhee hinajjeefneef bifa weeddutiin gorsuu kan agarsiisuudha.

#### **4.5.Sadoomiiwwan Weedduu Aannan Raasuu Keessatti mul’atan**

Weedduun aannan raasuu gosoota Sadoomiiwwanii adda addaatti dhimma ba’uun dhaamsa garaagaraa hawaasaaf dabarsa. Sadoomiin, haala dubbii kan asoosaan yookiin waloon tokko dubbii isaa mi’eessuuf, addeessuuf, ho’isuuf, miidhaksuuf akkasumas akka dubbisaan yookiin

dhaggeeffatan hubatuuf faallessuun/maquun/yaada isaaa qindeeffatu ilaala. Malli dubbii akkanaa kun wanti lubbuu hinqabne akka lubbuu horatuuf, kan dimimmisa keessa jiru akka ifuuf, wanti xiqqoon akka guddatee mul'atuufi, kan kana fakkaataniif ga'ee guddaa qaba.

Muuxannoowwan ilmaan namaa ammoo haala garaagaraatiin addeeffama. Kanarraa kan ka'e Sadoomiiwwan gooroo hedduutti qoodamu. Gosoota Sadoomiiwwanii Afaan Oromoo keessatti dhimma ba'aman keessaa baay'inaan kanneen armaan gadii weedduu aannan raasuu keessatti ni tajaajilu.

#### **4.5.1. Akkasaa/Simile/**

Akkeen gosa saddoommii miidhagina barreeffamaa keessattis ta'ee kan weedduu keessatti ga'ee guddaa qabudh. Hawaasa keessatti abalu akka fardaa fiiga, cilee fakkaata yommuu jennu fiigicha fardaafi gurraacha'uu cileen walbira qabnee ibsina. *“Simile [is] a figure of speech in which a comparison is expressed by a word or phrase such as like, as than, seems or as if”* (Melakneh 2006).

Akkeen jechoota 'akka,'fakkaata' jedhamaniitti gargaaramuun wantoota addaa lama waldorgomsiisuun yaada keenya kan ibsanudha. Wantoonni waliin dorgomsiifaman kunniinis wantoota ittiin walfakkaatan tokko yookiin tokkoon ol qabaachuu danda'u.

##### *A) Yaa saayyituu*

*Yaa itittuu itittuu buchumaa*

*Waaree galee qe'eerraa guungumaa*

*Waareen isaa hootuufi bakkalchaa*

*Buudaan isaa akka hundee dhaddachaa*

*(Haawaa Waaqoo, 5/3/2012 Dheebittii)*

Weedduu aannan raasuu armaan olii kana keessatti, gosa Sadoomii akkasaa fayyadamuun ergaan isaa caalatti akka ifa ta'u agarsiifameera. Kanas, 'Buudaan (Gaanfi) isaa akka hundee dhaddachaa (muka qoree qabu kan lafa gammoojjiitti baay'inaan beekamu) jechuun kan ibsame yoo tau, gaanfa looniifi qoree muka dhaddachaa walbira qabuun ibseera.

##### *B) Yaa saayyituu*

*Fantaalle duuba obaan naannotaa*

*Koottuu na fuudhi jedhee dhaammataa*

*An sin fuudhuu achittuu oolittaa*  
*Fantoon asheetee citaa baalatii*  
*Ol-qajeelaa akka filaa saalatii*  
*(Bariitee Waaqoo, 10/6/2012 Haroo Qarsaa)*

Weedduu aannan raasuu armaan olii kana keessatti, gosa Sadoomii akkasaa fayyadamuun ergaan isaa caalatti akka ifa ta’u agarsiifameera. Kanas, Fantoon asheete citaa baalaatii, ol-qajeelaa akka filaa saalatii’ jechuun nyaata loonii kan ta’e marga gaanfa bineensa bosonaa saalaa jedhamuun walbira qabuun ibseera. Margi sun dhedheeraa ta’uu isaa ibsuuf gaafa saalatti fakkeessee dhiyeesseera.

#### **4.5.2. Anyaarsee (Satire)**

Anyaarseen gosa Sadoomii keessaa tokko ta’ee amala badaa hawaasa keessa jiru ittiin ceepha’uuf kan nama tajaajiludha. Kanaan alattis dogoggora miseensi hawaasaa qabu tokkos ittiin sirreessuuf kan fayyadudha.

*Yaa saayyituu*  
*Hogi asiini Bulgee daassisaa*  
*Hogi asiini Arbee daassisaa*  
*Eege fittaala warqee gaaddisaa*  
*Eegi lubbuu rabbumaa daaddisaa*  
*(Haloo Jiloo, 17/6/2012 Galchaa)*

Akka walaloo weedduu aannan raasuu armaan olii kanarraa hubannutti, asiin Bulgeefi Arbee daassisaa’ jechuun yeroo barbaade karaa barbaadeen lubbuu ofiif osoo bakka laatin loon laga Bulgaafi Arba jedhaman sana daassisee(ceesisee) bakka dheedan geessee tiksaa jirachuusaa malee lubbuu ofiif ofeeggannoo taasisaa akka hinjirre ibsuun, ‘eegi lubbuu daaddisaa(Eegaa)’ jechuun lubbuu waaqatu Eegaa akka tasa hinbaane eeggadhu jechuun yemmuu gorsu agarra.

#### **4.5.3. Bakka buusa (Metaphor)**

Bakka buusni gosa Sadoomii keessaa tokko ta’ee, uumama (nature) waan tokkoo kan biraatiif kennuuf tajaajila. Amala, bifa yookiin boca namaa, kan bineessaa, kan mukaa, akkasumas lubbuu qabeeyyii garaagaraa fuudhee kan biraatiif kennuun guddisee suuraa waan addeeffamu sanaa namatti agarsiisa. Kanas Haster, (1967:142) “*Metaphor utilizes... the image evoking power of words,*” jedha.

A) *Yaa saayyituu*

*Yoo itti raasan ni baafti buqqeen*

*Yoo itti dhaadan ni naati lukkeen*

*(Guyyee Roobaa, 15/6/2012 Haroo Huubaa)*

Akka walaloo weedduu aannan raasuu armaan olii kanarraa hubannutti, akkuma buqqeen aannan itti raasan dhadhaa baaftu, hamtuu loonitis yoo gaarummaa loonii itti jajan akka naatu ibsuuf amala buqqee guutumaan guututti fuudhee lukkee (hamtuu) loonitiif kenneera. Kanas, walaloo keessti ‘yoo itti raasan ni baafti buqqeen, yoo itti dhaadan (jajan) ni naati (rifatti) lukkeen’ jechuun ibsameera.

B) *Yaa saayyituu*

*Aayyoo ba’i*

*Buchuma qabadhuu*

*Fincaan xiqqaadhu*

*Udaan guddadhuu*

*(Kamisaa Libaano, 17/7/2012 Haroo Huubaa)*

Akka walaloo weedduu aannan raasuu armaan olii kanarraa hubannutti, aannan raafame areere xiqqaa qabaatee, dhadhaa baay’ee utuu ba’ee gaarii akka ta’e ibsuuf gosa Sadoomii bakkasaa fayyadameera. Kanas walaloo weedduu aannan raasuu olii keessatti, ‘fincaan xiqqaadhu, udaan guddadhu’ jechuun fincaan baaduu bakka buusee, udaan immoo dhadhaan bakka buusee ibseera.

#### **4.5.4. Namee/Nameessa (personification)**

Nameessuun gosa Sadoomii keessaa tokko ta’ee, lubbuu dhabeeyyiif yookaan uumama namaan alaatiif amala namummaa kennuun (gonfachiisuun) wanti sun akka namaatti akka dubbatu, kolfu, gaddu, dhoobotu, beela’u, gammadu, dheekkamu, nahu, inaafu, nyaatu, dhuguufi kkf taasisuudha. Akkuma Sadoomiiwwan kanneen biroo nameessunis karaa yaanniifi hubannoon namaa ittiin ibsamuudha. Iimi namaa wantootaafi ta’insoota isatti hinmulanne fakkii (boca) isaa sammuu keessatti akka fakkaattiiisaatti, akka amala isaatti, akka miira isaatti, akkasumas akka aadaafi gocha isaatti naannoo isaatti uuma.

*Yaa saayyituu*

*Garoo tiyyaa maalumaaf teessani*

*Dheednu malee hinjiru buchumnii*

*(Kamisaa Libaano, 17/7/2012 Haroo Huubaa)*

Akka walaloo weedduu aannan raasuu armaan olii kanarraa hubannutti, loon akkuma namaatti dubbachuun beela'uu isaanii yemmuu ibsatan ni agarra. Kana malees, yemmuu nyaata hinnyaatin aannan kennuu akka hindandeenyes yemmuu ibsan mul'ata. Kanas, garoo tiyya maalumaaf teessanii, dheednu malee hinjiru buchumni' jechuun akk tiksee kaatee isaan bobbaaftu, ta'uu baannan aannan akka hinarganne Sadoonii kanatti fayyadamuun ibsameera.

#### **4.5.5. Ukukkubee /Hyperbole/**

Mala dubbii kanaa keessatti dhimmi namni irratti dubbatamu sun (the subject) hamma ga'u olitti baay'ee guddisuun himuudha. Garmalee olkaasuudhas. Kun haata'u jedhamee namoonni marti akka ifatti argan olkaasuun agarsiisuudha (over statement-to emphasize).

*Yaa saayyituu*

*Eege maree araddaa tullaayee*

*Hafuurrikee akka qun'ii urgaayee*

*Eege maree araddaa naannayee*

*Hafuurrikee bookayaa maal dayee*

*(Kamisaa Wadaay, 4/3/2012 Dheebittii)*

Walaloo weedduu aannan raasuu olii keessatti gosa Sadoonii ukukkubeetti dhimma bahuun gurra guddisee yemmuu dhiyeessu kan agarsiisuudha. Kanas, "Hafuurri kee akka qun'ii(Muka urgooftuuti ) urgaayee" jechuun hafuurri isaanii akka muka urgooftuu sanatti kan urgaa'u ta'uu isaa agarsiiseera. Dabalataanis, "Hafuurrikee bookayaa (urgooftuu) maal dayee" jechuun immoo hafuurri loonii akka urgooftuutti urgaaya waan ta'eef mudaa homaatu akkan qabne ibseera. hafuurri loonii hamma fedhe urgaa'us hanga qun'ii hin urgaa'u. haa ta'u malee, walaloo weedduu aannan raasuu olii keessatti hafuura loonii baay'ee gurra guddisuun qixa muka qun'ii urgeessuun dhiyeesseera.

#### **4.5.6. Saaduu (Irony)**

Saaduun habalaka yookaan saqa jedhamee waamamuu danda'a. Kunis nama tokko waan jajan yookaan jaallatan fakkeessanii karaa ittiin tuquuf yaalanidha. Habalakni dubbii Afaan Oromoo keessatti bal'inaan itti fayyadamaa kan oolludha. Mala dubbii kanatti dhimma baanee waan jechuu barbaadne tokko faallaasaa dubbachuun ibsina. Nama lugna ta'e akka nama gootaatti jajuu, nama kijibaa akka nama dhugaatti leellisuudha. Gabaabumatti, saaduu yoo jennu dubbii hiikaansaa waan jedhame saniin faallaa ta'e jechuu muldhisa.

*Irony is a mockery or scorn use of words to express the opposite of what one really means; that is words of praise are given but blame or ridicule is often intended. A kind person isn't it? A remark made when a person is actually unkind, cruel, self seeking, jealous or prejudiced. " in most of modern critical uses of the term Irony, there remains the root sense of dissembling or hiding what is actually the case; not, however in order to deceive but to achieve special rhetorical or artistic effects (Abrams 1993:97).*

*Yaa saayyituu*

*Dheedeera Bulgiyoo*

*Bulgiyoolafa citaa*

*Rifeensi bubuqqa'ee*

*Kanaaf daalachaa'e*

*(Diiree Jaarraa, 19/7/2012 Haroo Qarsaa)*

Walaloo weedduu aannan raasuu armaan olii keessatti wanti jedhameefi ergaan darbuu barbaade faallaa waliiti. Kunis, Bulgeen lafa citaa gaarii yemmuu ta'u, loon Bulgee dheede ni furdada. Faallaa kanaatiin garuu, walaloo olii keessatti utuu Bulgee dheedaa jiruu qaamni luqqa'ee daalachaa'aa jiraachuu isaa agarsiisa. Kanaafuu, ergaan darbuu barbaade, loon walaloo weedduu aannan raasuu olii keessatti ibsaman Bulgee waan hindheedneef qaamni isaanii luqqa'ee daalachaa'e. Loon kun Bulgiyyoo dheedaa hinjiran; akka furdadan yoo barbaadame Bulgiyoo dheeduu qabu jechuu barbaade. Kallattiin kana jechuu irraa garuu, faallaa kanaatiin 'Bulgiyoo dheedeera lafacitaa, rifeensi bubuqqa'ee kanaaf daalachaa'e, jechuun dhaamsa isaa dabarfateera.

#### **4.6. Yoomeessa Weedduu Aannan Raasuu**

Weedduun tokko yeroo weeddifamu yeroofi bakka itti weeddifamu kan of danda'e qaba. Kanaaf, weedduun aannan raasuu kun yeroo aannan raafamu sana irratti hundaa'ee yeroofi bakka mataa isaa kan itti weeddifamu qaba. Akka odeeffannoo kennitoonni jedhanitti, Weedduun kun yeroo aannan raafamu wajjiin kan deemuufi yeroon sun ganamaafi galgala (halkan waarii) aannan raasaa kan weeddifamuudha. Sababiin, wayitii kana lamaan qofa aannan raasuun wanti barbaachiseef, aannan yeroo qabbanaa raafamee dhadhaa waan bahuufi yeroo kaan immoo hoo'a waan ta'eef yeroo sanatti immoo aannan raafamu sun ni hoomachaa'a malee dhadhaa bahu.

Kanaafuu, weedduun aannan raasuu ganamaafi galgala bakka qabbanaa'atti aannan raasaa weeddifama (Haawaa Waaqoofi Kamisaa Wadaay)

*Yaa saayyituu*

*Yaa itittuu itittuu buchumaa*

*Waaree galee qe'eerraa guungumaa*

*Waareen isaa hootuufi bakkalchaa*

*Buudaan isaa akka hundee dhaddachaa*

*(Haawaa Waaqoo, 14/8/2012 Dheebittii)*

Walaloo weedduu aannan raasuu olii keessatti yoomessa weedduu aannan raasuu ibsuuf, 'Yaa itittuu itittuu buchumaa, waaree galee qe'eerraa gungumaa' jechuun akka galgalaafii ganama malee wayitiin loon itti elmaman kan biraa akka hinjirre kan ibsudha.

Kana malees, bakka aannan itti raafamuun walqabatee odeeffannoo kennitoonni akkas jedhu: Aannan bakka hundatti hinraafamu. Bakki itti raasanis, lafa aduun yookaan hoo'i hinjirre galgala mana keessaafi qarmammee (hulaa dura)'tti raasu. Sababni isaas, aannan bakka ho'aa kan akka ibiddaafi aduu keessatti yoo raafame dhaadhaa waan hinbaanefidha. Kanaafuu, weedduun aannan raasutis yeruma aannan raasan waan weeddifamuuf yoomessuma aannan raasuu keessatti raawwatama (Haawaa Waaqoofi Kamisaa wadaay).

Walumaagaatti, yaada nammota odeeffannoon irraa funaanamerraa ka'uudhaan aannan kan raasan ganamaafi galgalaa akka ta'eefi bakki itti raafamu immoo, qarmammee (hulaa dura)fi mana keessa akka ta'eedha. Kunis, kan ta'eef aannan bakka ho'a qabutti yoo raafame dhadhaa bahuu waan hindandeenyeefidha. Kanaafuu, weedduun aannan raasutis yoomessuma aannan raasuu kanatti raawwatama.



***Suuraa 6 yoomessa weedduu aannan raasuu agarsiisu. (Haawaa Waaqoo, 5/3/2012***

***Dheebittii, Guyyee Roobaafi Kamisaa Libaanoo, 8/9/2014 Haroo Huubaa).***

#### 4.7.Hirmaattota Weedduu Aannan Raasuu

Jiruufi jireenya guyyuu keessatti namoonni jireenya isaanii mo'achuuf dalagaa adda addaa raawwatu. Dalagaa raawwatan kanas abbummaan fudhatanii xumuru. Irra deddeebiin hojicha raawwachuu isaanii irraan kan ka'e dhuma irratti hojichi kan garee sanaa qofa ta'ee hafa. Waa'een hojichaas yoo ka'e jalqaba irratti garee hojicha raawwatantu namatti dhufa. Haaluma kanaan akka aadaa Oromoo Karrayyuutti saawwan kan elman, raasan, aannan irraa bu'aalee argaman kan qopheessan haawwotaafi shamarranidha. Dhiirri Oromoo Karrayyuu aannan hinraasu. Baay'inaan aannaniifi bu'aa aannanii horii gaanfaa waliin kan waliti dhiyeenya qabu dubartoota. Dhiirri Oromoo gaala tiksuufi aannaan isaas fayyadamuun beekamu. Aannan gaalaa immoo hinraafamu;raafamus dhadhaa hinba'u. Faaxee Gadaa (2012). "Weedduu aannan raasuu kan weeddisu dhalaadha. Weedduu aannan raasuu nama tokko, lama yookaan gareen aannan raasaa weeddisuun ni danda'ama" .

Kanaafuu, weedduun aannan raasuu kan weeddifamu aannan raasati. Aannan kan raasu immoo dubartoota qofa waan ta'eef, weedduu aannan raasuu kan weeddisu dubartoota qofa akka ta'e ragaa od-himtoota irraa argame irraa hubachuun danda'ameera.

*Weedduun aannan raasuu dubartootaan haa weeddifamu malee weedduun aannan raasuu haawwoliifi dardarraniin weeddifamu garaagarummaa qaba. "Weedduun aannan raasuu haawwoliifi dardarraniin weeddifamu garaagarummaa guddaa qaba. Weedduun aannan raasuu haawwoliin weeddifaman weedduu ergaan isaanii abbaa manaa isaanii: gorsu, qeequ, dinqisiifatuufi jajudha. Kana malees weedduu aannan raasuu goota, lafa dheedaa, looniifi bu'aa loonii faarsu weeddisu. Dabalataanis weedduu aannan raasuu tikseefi dardara loon elmuuf haaraa ta'an gorsan weeddisu. Weedduun aannan raasuu dardarraniin weeddifaman immoo weedduu aannan raasuu dhimmoota abbaa manaa ilaallatan kan of keessaa hinqabneedha. Baay'inaan weedduu aannan raasuu bu'aa looniifi loon faarsan weeddisu. Darbee darbee weedduu aannan raasuu bakka dheeda loonii faarsanis ni weeddisu. Dardarran naannoo mana jireenyaa irraa fagaatanii waan hindeemneef, bakka dheeda looniif mijataa ta'e baay'ee hinbeekan. Kanaafuu, bakka dheeda loonii dardarran muraasa qofatu beeka. Kana irraa kan ka'e weedduu kana irratti hinxiyyeeffatan ( Guyyee Roobaafi Kamisaa Libaanoo, 8/9/2014 Haroo Huubaa).*

Yaada deebi-kennitoota kanarraa wanti hubatamu, weedduu aannan raasuu kan weeddisu shamarran akka ta'edha. Kana malees, weedduun aannan raasuu haawwoliifi dardarraniin weeddifamu qabiyyee walfakkaataa akka hinqabne eera. Dabalataanis, aannan raasuun gahee shamarranii qofa akka ta'e agarsiisa. Dhiirri Oromoo Karrayyuu aannan raasuu keessatti gahee tokkollee akka hinqabneefi weedduu aannan raasuu akka hinweeddifne lafa kaa'a.

#### **4.8.Faayidaa Weedduun Aannan Raasuu Oromoo Karrayyuuf Qabu**

Hawaasni Karrayyuu dubbisuufi barreessuu danda'anillee waan hundumaa barreeffamaan ibsachuu waan hindandeenyeef weedduu aannan raasuu gargaaramuun dirqama. Karaa biraatiin, weedduu aannan raasuutti kan dhimma bahu, warra barnoota ammayyaa hinqabne qofa otoo hintahiin warri barnoota ammayyaa qamanis weedduu aannan raasuu kanatti dhimma bahuun miira isaanii ibsatu.

Weedduun Aannan raasuu faayidaa mataa isaa danada'e kan qabuudha. Ragaa kennitoonni faayidaa aannan raasuu yemmuu ibsan:

*weedduun aannan raasuu ni barsiisa; nigorsa; niqeeqas. Kana yoo jennu yaanni weedduu sana keessatti calaqqisu ijoollee, dargaggoos ta'ee namoota gurguddoo waa barsiisuu yookaan hubachiisuu danda'a. Akkasumas, amala, gocha, ilaalcha yookaan shaakala hawaasicha jiddutti mul'atan, garuu kan ummatici jibbu tokko tokko qeequudhaan akka sirratu akeekkachiisa (Boruu Haammadoo, Roobaa Arrooleefi Mohaammad Alii, 11/9/2014 Tuuroo).*

Akka yaada waraabii armaan olii kanarraa hubatamutti, weedduun Aannan Raasuu hawaasa barsiisuuf, gorsuuf, waan hawaasni jibbu tokko ittiin qeequufi wal-barsiisuuf kan gargaaru akka ta'eedha.

Faayidaan weedduun aannan raasuu Oromoo Karrayyuuf qabu haalaan hedduu waan ta'eef gama tokko qofaan kan ilaalamu miti. Haalli rakkisaan humna namaan olta'e yeroo Oromoo Karrayyuu mudatu, weedduu aannan raasuu kanatti dhimma bahuun ittiin miliqaniidha. Oromoon Karrayyuu bu'aa ba'ii jireenyaa isa mudatu jalaa weedduu aannan raasuu kanaan miliqa. Jireenya nuffisiisaa kolfaan irraanfachuuf, addunyaa haarawaa keessa seenee gammachuun jiraachuuf faayidaan weedduun aannan raasuu qabu haalaan guddaadha. Namni daangaa hawaasni isaaf kaa'e darbuu hindanda'u. Yoo darbee argame hawaasni isa qooda, fudhatamas dhaba. Garuu ogafaanni dhorkaa hawaasni irratti waliigalee ka'ate kana bakka itti

cabsuun danda'amuudha. Kanaaf, eenyuyyuu waan garaasaa keessa jiru (hawwii, aarii, gammachuu kkf) soda malee bakki itti ibsatu weedduu aannan raasuu kanadha.

Weedduun Aannan Raasuu faayidaa hedduu akka qabaachuu danada'uufi isaan keessayis muraasni kan armaan gadii akka ta'an ragaa kennitoonni lafa kaa'aniiru: Yommuu Aannan raasan dadhabbina tokko malee akka raasanii baasaniif.

- ☞ Oomisha dabaluuuf (dadhabbii malee aannan raasuun dhadhaa baay'ee argachuuf)
- ☞ Loon faarsuuf.
- ☞ Goota faarsuuf.
- ☞ Gorsa ittiin walii dabarsuuf.
- ☞ Bakka dheedumsa horiif mijataa ta'e faarsuuf.
- ☞ Miira keessa namaatti dhagayame ibsachuuf (Roobaa Waaqoofi Boruu Fantaallee 12/5/2014, Dirre-sadeen).

#### **4.9.Sababoota Weedduu Aannan Raasuu Laaffisan**

Weedduun Aannan raasuu yeroo ammaa kana sadarkaa baduufi hafuutti deemaa jira. Kana malees, sababoota garaagaraatiinis dagatamaa kan jiruudha. Akka odeeffannoo kennitoonni jedhanitti, sababoonni weedduun kun akka irraanfatamaa deemuufi badaa demu taasisanis “Babal’achaa dhufuu amantaalee alagaa,qaroominaafi ammayyummaa hordofurraa kan ka’e dagatamaa kan jiruufi du’aa kan jirudhu.” (Makkoo Raaree, 1/2/2014 Haroo Qarsaa)

Haaluma walfakkaatun, ragaan odeeffannoo kennitootarraa fudhatame akka mul’isutti, “Weedduu aannan raasuu kana yeroo ammaa yoo barbaadan kan weeddisaniifi yoo barbaadan dhiisuun namoonni kan amaleeffatan yoo tau, hawaasni naannichaas yeroo ammaa bakka kennaafii kan hin jirreedha” (Fantaallee Daadhii, 2/2/2014 Qararii).

Kanumarra ka’uudhaanis, dagatamaafi hafaa jirachuusaa ragaan qorannoorraa argame ni mul’isa. Dabalataanis, haalli geeddarumsa jiruufi jireenyaa, dhiibbaan teknolojiifi diinagdee akka weedduun aannan raasuu laafaa dhufuuf karaa baneera. Haalli jiruuf jireenya Oromoo Karrayyuu yeroo dheeraaf tikfatee buloota yemmuu ta’u, yeroo ammaa kana qonnis haalaan gaggeeffamaa jira.

Kanuma waliin walqabatee, baay’inaan yeroo ammaa kanan jiruufi jireenya isaanii qonna jal’isiitti jijjiiraa jiru. Diinagdeen isaanis qonna irratti hundaa’aa dhufaa jira. Akka durii loon

baay'ee horanii jiruufi jireenya isaanii gaggeessuu dhiisaa jiru. Aannan dhuganii burraaquus dagachaa dhufaniiru. Kanuma irraa kan ka'e weedduun aannan raasuus laafaa dhufeera.

Kanaaf, Weedduun Aannan raasuu kun Godina Shawaa Bahaa Aanaa Fantaallee Oromoo Karrayyuu biratti sababoota armaan olitti eeraman kanaan dagatamaa, hafaafi du'aa kan jiru ta'uusaa ragaan odeef-kennitoota irraa argame kan mul'isuudha. Dhaloonni amma jiran kunis dagachaa kan jiraniifi weedduun aannan raasuus bal'inaan weeddifamaa kan hinjirre ta'uusaa ragaan argame kan mul'isuudha.

Walumaagalatti, akka ragaan odeef-kennitoota irraa argame mul'isutti weedduun aannan raasuu sababoota babal'achaa dhufuu amantaalee alagaa adda addaa, geeddaramaa dhufuu haala jiruufi jireenya Oromoo Karrayyuu, dhiibbaa teeknolojiifi diinagdee irraan kan ka'e laafaa dhufuusaa ragaan odeef-kennitoota irraa argame ni agarsiisa.

## **BOQONNAA SHAN: GUDUNFAA, ARGANNOOFI YABOO**

Boqonnaan kun haala waliigala qorannoo cuunfee dhiyeessuurratti xiyyeeffata. Qaphxiileen as keessatti dhihaatanis gudunfaa, argannoofi yaboon ibsa isaanii waliin dhiyaataniiru.

### **5.1.Cuunfaa**

Uumanni Oromoo akkuma hawaasa biroo aadaa, seenaa, duudhaafi barsiifata garaagaraa kan qabudha. Hawaasni kamiyyuu jiruufi jireenya isaa keessatti duudhaa, falaasama, aadaa, amantaafi ilaalcha mataa isaa qaba. Kunneenis dhalootaa dhalootatti dabarsuuf tooftaan itti dhimma bahaa turan keessaa og-afaaniifi duudhaan isaan tokkodha. Hawaasni Oromoo Karrayyuu aadaafi duudhaa isaa firiiwwan fooklooriitti fayyadamuun jiruufi jireenya isaanii guyyaa guyyaa ittiin gaggeeffataa jiru. Duudhaan dhalootaa dhalootatti darbaa jiru kunis gosa barnoota fookloorii keessatti afoolli uummata Oromoo, duudhaan uummata Oromoo, og-afaan, aartiin uummatichaa bal`inaan qorannaadhaan waan bira gahame hinqabu. Uummanni Oromoo kan jiruufi jireenya isaa keessatti itti fayyadamu keessaa weedduun isa tokkodha. Weedduu keessaa immoo, weedduun aannan raasuu isa hangafa. Oromoon Karrayyuu ona Fantaallee garaagaraa keessatti argaman birattis weedduun aannan raasuu iddoo olaanaa qaba. Haa ta`u malee, weedduun aannan raasuu Oromoo Karrayyuu yeroo adda addaa keessatti sababa babal`achaa dhufuu amantaalee alagaafi hammayyummaa hordofuu , geeddaramaa dhufuu haala jiruufi jireenyaa, dinagdee, saayinsiifi teeknolojiitiin laafaa dhufeera.

Uummatni Oromoo Karrayyuu weedduu aannan raasuuf quuqaman bu`aa bayii hedduu keessa darbuun duudhaa isaanii dhaala dhalootaan dhaalan bakkatti deebisuun dhaloota haaraa bira qaqqabsiisuu akka danda`an qorannoo kana keessatti odeeffannoo iddattoota hedduurraa argameen xiinxaluu danda`ameera.

Qorannoon kun weedduu aannan raasuu xiinxaluun dhaloota har`aafi booruu hanga tokko barsiisuuf kan gaggeeffamedha. Xiyyeeffannoon qorannaa kanaas, ergaawwan weedduu aannan raasuu keessatti darban maal fa`a akka ta`an, Sadoomiiwwan weedduu aannan raasuu keessatti dhimma ba`aman, weedduun aannan raasuu yoomessa akkamii keessatti akka gaggeeffamu, namoonni weedduu aannan raasuu irratti hirmaatan eenyu fa`a akka ta`an, faayidaa weedduun aannan raasuu Oromoo Karrayyuu qabuufi sababoota weedduun aannan raasuu laaffisaa maal fa`a akka ta`an xiinxaluudha.

Haaluma kanaan gaaffilee bu`uuraa ka`umsa qorannoo boqonnaa tokko keessatti ka`an, deebisuuf malleen funaansa ragaalee kan akka daawwannaa, afgaaffiifi marii garee fayyadamuun

ragaalee dhimma kanaan walqabatu walitti qabuun danda`ameera. Kanumarratti hundaa`uun argannoon qorannichaa akka armaan gadiittii dhiyaatanii jiru.

## **5.2.Argannoo**

Qorannoon tokko erga gaggeeffamee raawwatameen booda bu`a-qabeessummaa qorannoo sanaa kan mirkaneessu argannoo qorataan sun erga qorannoo sana gaggeessee booda argatudha. Qorannoo mata dureen isaa “Qaaccessa Weedduu Aannan Raasuu Oromoo Karrayyuu” jedhu irratti gaggeeffameen argannoon akka armaan gadiitti taa`ee jira.

- 1) Weedduun aannan raasuu Oromoo Karrayyuu ergaawwan loon faarsan, goota faarsan, miira dubartiin keessa isheetti dhagayame ibsachuun walqabate, bakka dheeda looniif tole faarsan, hamtuu loonii qeeqan, dubartii loon elmuuf haaraa taateefi tiksee loonii gorsuf oolan akka qaban qorannoo kanaan bira gahameera.
- 2) Gosti Sadoomiiwwanii weedduu aannan raasuu keessatti baay`inaan dhimma ba`aman: Akkasaa, anyarsee, bakka buusa/Irdiba, nameessa, ukukkubeefi saaduu akka ta`an qorannoon kun addeesseera.
- 3) Weedduun aannan raasuu galgalaafi ganama bakka aannan itti raafamu lafa aduun yookaan hoo`i hinjirre mana keessaafi qarmammee (hulaa dura)`tti akka weeddifamu qorannoo kanaan bira gahameera.
- 4) Hirmaattonni weedduu aannan raasuu haawwaniifi shamarran akka ta`e qorannoon kun adda baaseera.
- 5) Weedduun aannan raasuu Oromoo Karrayyuuf faayidaawwan akka: Yommuu Aannan raasan dadhabbina tokko malee akka raasanii baasaniif. loon faarsuuf, goota faarsuuf, gorsa ittiin walii dabarsuuf, bakka dheedumsa horiif mijataa ta`e faarsuufi miira keessa namaatti dhagayame ibsachuuf akka qabu qorannoo kanaan bira gahameera.
- 6) Sababoonni weedduu aannan raasuu laaffisaa dhufan immoo, babal`achaa dhufuu amantaalee alagaa, qaroominaafi ammayyummaa hordofuu, geeddaramaa dhufuu haala jiruufi jireenyaa, diinagdee, dhiibbaa saayinsiifi teeknolojii akka ta`an qorannoo kanaan bira gahameera.

## **5.3.Yaboo**

Argannoo qorannoo kana irraa ka`uun qoratiichi yaada furmaataa akka armaan gadiitti lafa kaa`ee jira.

- 1) Biiron Aadaafi Turiziimii Aanichaa waa`ee weedduu aannan raasuu lafaa jiru kana hanbisuuf ogeessota godinaafi aanaa irra jiraniifi beektota yunivarsiitii irra jiran walitti

qindeessuun akka qoratan, galmeessan, faayidaa isaa hawaasa barsiisuun akka cimu osoo taasisee gaariidha.

- 2) Gama aadaan faayidaan isaa olaanaa ta'uun cinaatti, dhaloota haaraa dhufuuf akkuma jirutti dabarsuuf qorannoon gadifageenyaafi bal'ina qabu akkasumas, malleen ammayyaan deeggaramee osoo waraabameefi waraqaan qorannoo weedduu aannan raasuu irratti gaggeeffame afaan adda addaan qophaa`ee manneen barnootaa, guyyaa ayyaanaafi waltajjiin qophaa`ee osoo irratti dhiyaateefi bifa barruutiin uummataaf raabsamee beekkamtii guddaa argata.
- 3) Beektonni osoo waa`ee weedduu aannan raasuu irratti barreessanii kitaaba uummataan gahanii hubannoo uummataa cimsanii gaarii ta'a.

## **Wabiilee**

Addunyaa Barkeessaa. (2011). AKKAMTA:Yaad Rimee Qorannoo Hujoo.Finfinnee:\_\_\_\_\_.

\_\_\_\_\_.2014).Akkamtaa:Yaad Rimee Qorannoo Hujoo.Finfinnee:\_\_\_\_\_.

Alamaayyoo Hayilee. 2007. Gadaa: Siyaasa Oromoo Tuulamaa. Finfinnee.

Asaffaa Tafarraa (2009). Eela, Seenaa Ogummaa Oromoo.Finfinnee Printing by Far East Trading PLC.

Bukenya,A.(1994).Understanding Oral Liiterature. Nairobi,Univeristy press.

Dastaa Dasaalany .(2002). Bu'uura Qorannoo.Finfinnee dhaabbata Manxansaa Boolee.

\_\_\_\_\_.(2013). Bu'uura Qorannoo: Qorannoo Furmaataafi Deebii. Finfinee, plc.East Trading

\_\_\_\_\_. ( 2015) "A functional Study of Tulama Oromo Prose Narratives." Gimbichu

District, Ada"aa District and Bishoftu Town. A Published Dissertation for the Doctor of hilosophy at Addis Ababa University.

David E. Gray. (2004). Doing Research in the Real World. London: SAGE publications Ltd

Dirribii Damissee 2009 Ilaalcha Oromoo. Barruu Amantaa,sirna bulchiinsaafi seenaa Oromoo. Finfinnee Oromiyaa.

Dorsen, Richard.(1972). Foklore and Folk Life. An introduction. Chicago and London; The University of Chicago press.

Dundes Allen .(1965).The Study Of Foklore.Chicago:Chicago Unversity Press.

Dundes Allen & Bronner, S. J. (2007). The meaning of folklore: "The analytical essays of Alan Dundes". Logan: Utah State University Press.

Elliot Oring. (1986). **Folk Group and Folk Genres Introduction**. Logan UT. Utah State University Press.

Fedhasaa Taaddasaa (2013). Subii: Bu'uuraalee ogbarruu Oromoo Finfinnee: Oromiyaa subi printin press,

- Finnegan Ruth.(1970) **Oral literature in Africa** . Oxford: Clarendon Press
- Gemechu Bekele. (2003). A study of major themes in game Selected songs of Ifinesh Keno  
Unpublished MA thesis, Addis Abeba University.
- Gumii Qormaata Afaan Oromoo.(1955).Wirtuu Jildii-7:Fnffinnee.
- Georges, R.A and Jones, M.O. (1995). Folkloristic: An introduction. Biloomingonton and  
Indiana polis: Indiana University Press.
- Imaanaa Bayyanaa. (2007). Qaaccessa Qabiyyee Faaruu Amantii Duudhaa Oromoo. Qorannoo  
Digrii Lammaffaa kan hin Maxxanfamin.
- Melakneh Mengistu. 2006.**Fundamental of Literature. 3rd ed.** Addis Ababaa: AAU. Press,
- Misgaanuu Gulumma 2011. Dilbii: Bu'uura Afoolaa, Ogafaaniifi Afwalaloo Oromoo.Finfinnee.
- Mulugeetaa Nagaasaa.2014. Documantation and Analysis of Ritual Performances of ‘Sera Geda’  
among the Karrayyu Oromo. Addis Ababa: AAU. press
- Okwepho I.(1992). African Oral Literature. Bloommington and Indianapolis: India University  
press.
- Sims, M.C. & Stephens, M. (2005). Living Folklore: An Introduction to the Study of People and  
Their Traditions. The Ohio State University: Utah State University Press
- Warquu Dachaasaa.(2001) **Wirtuu Jildii-9.Barruulee Qormaata Waaltina Afaan  
Oromoo.**Finfinnee:Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa
- Wasanee Bashaa. (2008).Bantuu haaraa caaslugaa fi ogbarruu Afaan Oromoo: Finfinnee  
EMAY:printer.
- Woodward, Ian. (2007). Understanding Material Culture. Los Angeles: Sage Publications.

**Dabalee A**  
**Yunivarsiitii Finfinnee**

**Saayinsii Hawaasaafi Namoomaa**

**Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu**

Kabajamtoota haawwoliifi manguddootaa, duraan dursee gaaffiin kun kan qophaa'eef waan biraaf osoo hintaane qorannoo ittiin guuttannaa barnoota digirii 2<sup>ffaa</sup> gosa barnoota Afaan Oromootiin waan ta'eef, gaafannoo qorataan isiniif dhiyeessu yaada deebii nita'a jettan deebisuun akka gumaachitan kabajaan isin gaafadha. Qorannoon kun, "Qaaccessa Weedduu Aannan Raasuu Oromoo Karrayyuu" irratti xiyyeeffata. Kanaafuu, yaada keessan kabajaafi jaalalaan akka kennitaniif kabajaan isin gaafadha. Gaafannoowwan jiranis akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

Maqaa \_\_\_\_\_ umrii \_\_\_ saala \_\_\_\_\_ gahee hojii \_\_\_\_\_

**Gaafannoo Gaaffilee Afgaaffii**

- 1) Yemmuu aannan raasan maal fa'a jedhanii weeddisu?
- 2) Weedduu aannan raasuutti dhimma ba'uun ergaawwan akkamii ittiin dabarfatu?
- 3) Weedduun aannan raasuu humna qalbii namaa hawwachuu qabaa? Yoo qabaate maaliif jettee yaadda?
- 4) Weedduun aannan raasuu yoomiifi eessatti weeddifamuu danda'a?
- 5) Qooda fudhattoonni weedduu aannan raasuu eenyu fa'i?
- 6) Weedduun aannan raasuu faayidaawwan akkamii qaba?
- 7) Sababoonni weedduu aannan raasuu laaffisan maal fa'i jettanii yaaddu?

**Dabalee B**  
**Yunivarsiitii Finfinnee**

**Saayinsii Hawaasaafi Namoomaa**

**Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu**

**Cheeklistii Daawwannaa**

<b>T/L</b>	<b>Cheekliistii yemmuu weedduun aannan raasuu weeddifamu daawwachuuf qophaa'e</b>	<b>Guyyaa daawwannaa</b>
1	Akka aadaa Oromoo Karrayyuutti weedduu aannan raasuu eenyu akka weeddisu daawwachuu	18/06/2012
2	Weedduun aannan raasuu yoomiifi eessatti akka weeddifamu daawwachuu	
3	Gosa aannan raafamuu daawwachuu	27/07/2012
4	Maal jechaa akka aannan raasan daawwachuu	

**Dabalee C**  
**Yunivarsiitii Finfinnee**

**Saayinsii Hawaasaafi Namoomaa**

**Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu**

**Weedduu Annaan Raasuu**

1) Yaa saayyituu

Malaan wayaa tiyya

Malaan wayaa

Ni sobanii maaltu saayyaa gayaa

Dibataniis, yoo dhuganis

Qaamni ni dhanga'aa

2. Yaa saayyituu

Saayyoo garoo isiniin boonanii

Maal ta'anii tikakee oolani

3. Yaa saayyituu

Abbaan gandaa gaariin ciicoo hiree

Mootin Reeddee gaariin ciicoo hiree

Nugufnilleen siin ijaare siree

4. Yaa saayyituu

Yaa kuulanii tiyya yaa kuulanii

Haala fardaa kunna siin duulani

5. Yaa saayyituu

Yaa itittuu itittuu buchumaa

Waaree galee qe'eerraa guungumaa

Waareen isaa hootuufi bakkalchaa

Buudaan isaa akka hundee dhaddachaa

6. Yaa saayyitu

Yaa kukkutaatiyya yaa kukkutaati

Haala fardaa yaa harkaan mummuxaa

7. Yaa saayyituu  
Eegee maree araddaa tullaayee  
Hafuurrikee akka qun'ii urgaayee  
Eegee maree araddaa naannayee  
Hafuurrikee bookayaa maal dayee
8. Yaa saayyituu  
Yaa saayyituu tiyya saayyoo dasoo  
Haadha malee ormin beekuu masoo
9. Yaa saayyituu  
Buudaa qawwee tiyya  
Jilbiiffatee dhaye goonni qawwee
10. Yaa saayyituu  
Baddaa olii ol-bahee miillilleen  
Waree tantee dhagayee diinnilleen
11. Yaa saayyituu  
Calalaqaa gadi buusee qaraa  
Saayyoo horaa loon jabbii camaraa
12. Yaa saayyituu  
Abbaa gandaa sila maal taatanii  
Mootii Reeddee sila maal taatanii  
Maal taatanii loon Bulgee yaadani
13. Yaa saayyituu  
Abbaa gandaa isinii isinii  
Gaarii bil'ii isinii isinii  
Mukattillee gootanii misilii  
Mukattillee dameessitanii  
Boosoo goyduu ni wayyeessitanii.
14. Yaa saayyituu  
Abbaa gandaa situu saayyaan malee  
Mootii Reeddee situu saayyaan malee  
Uffadhu kaabbaa hiraasni dhayee

Kaabbaan hiraasaa algaa siin tayuu  
Saayyaan baroonni waree siin tayuu

15. Yaa saayyituu

Fantaalle duuba obaan naannotaa  
Koottuu na fuudhi jedhee dhaammataa  
An sin fuudhuu achittuu oolittaa  
Fantoon asheetee citaa baalatii  
Ol-qajeelaa akka filaa saalatii

16. Yaa saayyituu

Odoo aduun dirra hindhoofnen galchaa  
Odoo aduun dirra hinlaallessine  
Nu Bulgiyyoo dheenna jaatessinee

17. Yaa saayyituu

Waraqqisaa gabayaa dhaabanii  
Jecha lukkeen jette maal aaranii  
Jecha afaantu namaa deebisaa  
Bulgiyyoo dheenna dirree dheebisaa

18. Yaa saayyituu

Yoo itti raasan ni baafti buqqeen  
Yoo itti dhaadan ni naati lukkeen

19. Yaa saayyituu

Saayyoo jettee sossobdeen gaadituu  
Hamtuun sihaa dhabdu yaa faayituu

20. Yaa saayyituu

Hogi asiini Bulgee daassisaa  
Hogi asiini Arbee daassisaa  
Eege fittaala warqee gaaddisaa  
Eegi lubbuu rabbumaa daaddisaa

21. Yaa saayyituu

Aayyoo ba'i  
Buchuma qabadhuu

Fincaan xiqqaadhu

Udaan guddadhuu

22. Yaa saayyituu

Garoo tiyyaa maalumaaf teessani

Dheednu malee hinjiru buchumnii

23. Yaa saayyituu

Eegee maree araddaa tullaayee

Hafuurrikee akka qun'ii urgaayee

Eegee maree araddaa naannayee

Hafuurrikee bookayaa maal dayee

24. Yaa saayyituu

Dheedeera Bulgiyoo

Bulgiyoolafa citaa

Rifeensi bubuqqa'ee

Kanaaf daalachaa'e

**Dabalee D**  
**Yunivarsiitii Finfinnee**

**Saayinsii Hawaasaafi Namoomaa**

**Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu**

**Unka maqaan raga-kennitootaa itti guutamu**

T/L	Maqaa	Saala	Umrii	Gahee hojii	Ganda
1	Kamisaa Wadaay	Du	49	Horsiistee bultuu	Dheebittii
2	Haawaa Waaqoo	Du	51	Horsiistee bultuu	Dheebittii
3	Roobee Jiloo	Du	57	Horsiistee bultuu	Xuxxuuxxii
4	Kadijjaa Fantaallee	Du	47	Horsiistee bultuu	Dhagaa Adii
5	Bariitee Waaqoo	Du	52	Horsiistee bultuu	Haroo Qarsaa
6	Guyyee Roobaa	Du	53	Horsiistee bultuu	Haroo Huubaa
7	Kamisaa Libaanoo	Du	48	Horsiistee bultuu	Haroo Huubaa
8	Jamiilaa Qaasim	Du	55	Horsiistee bultuu	Qararii
9	Haloo Hawaas	Du	45	Horsiistee bultuu	Tuuroo
10	Haloo Jiloo	Du	59	Horsiistee bultuu	Galchaa
11	Faaxee Qumbii	Du	63	Horsiistee bultuu	Goolaa
12	Makkoo Raaree	Du	55	Horsiistee bultuu	Haroo Qarsaa
13	Boruu Haammadoo	Dhi	65	Horsiisee bulaa	Gaara Diimaa
14	Mohaammad Alii	Dhi	72	Horsiisee bulaa	Tuuroo
15	Roobaa Waaqoo	Dhi	70	Horsiisee bulaa	Dirre-sadeen
16	Boruu Fantaallee	Dhi	82	Horsiisee bulaa	Gaara Diimaa
17	Roobaa Arroolee	Dhi	70	Horsiisee bulaa	Galchaa
18	Boruu Jiloo	Dhi	54	Horsiisee bulaa	Golaa
19	Fantaallee Daadhii	Dhi	61	Horsiisee bulaa	Qararii
20	Hawaas Bulgaa	Dhi	102	Horsiisee bulaa	Dirre-sadeen